INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLE HAQAA FI QA'ANNOO SEERAA OROMIYAA

SAKATTA'IINSA FEDHII LEENJII HOJIIRRAA

ABBOOTII SEERAA FI ABBOOTII ALANGAA

NAANNOO

QOPHEESSITOOTNI: **Obboo Tasfaayee Nuuwaay**

Obboo Habtamuu Bultii

Dubree Birhanee Boggaalee

Waxabajjii 2002

BOQONNAA TOKKO

SEENSA

1. Dugda-Duuba

Institiyuutiin Leenjii Ogeessota Qamoolee Haqaa fi Qo'annoo Seera Oromiyaa kaayyewwan adda addaa kaayyeffatee bara 1999 Danbii lakk. 97/1999 hundeeffamee hojii isaa eegalee jira. Kaayyewwan hundeeffama isaa keessaa tokko kenniinsa tajaajila haqaa naannichaa haqa-qabeessaa, bu'a-qabeessaa fi saffisaa taasisuun sirna haqaa Naannoo Oromiyaa gama hundaan guddisuu dha.

Kaayyoo kana galmaan ga'uuf rakkoo qabatamaa Qaamoleen Haqaa Naannichaa qaban sakata'uun furmaata barbaachisaa kennuun, dandeettii ogeessota qaamolee kanneenii cimsuuf leenjii hojii duraa fi leenjii hojiirraa kennuu irratti argama. Leenjiin hojii duraa namoota gara qaamolee haqaatti dabalamuuf jedhan beekumsa seeraa isaan yuunversitootaa fi kolleejjiwwan irraa argatan gabbisuun dandeettii fi ogummaa qabatamaa hojjiitti jijjiiramuu danda'u sagantaa horachiisu yeroo ta'u, leenjiin hojiirraa immoo rakkoo qabatamaa ta'an hiikuuf akkasumas beekumsaa fi ogummaa haarawwaa ta'an baballisuuf hojjettoota qaamolee haqaatiif leenjii kennamuudha.

Rakkoo qamoleen haqaa qaban hiikuuf dursa rakkoo qabatamaa isaan qaban sakata'uun dhimmoota leenjiin irratti kennamuu qaban adda baafachuun barbaachisaadha. Keessumaa leenjiii hojii irra fedhii uummataa giddugaleessa kan godhateedha. Leenjii kana kennuun dura gosi seeraa leenjiin irratti kennamu kam akka ta'e qulqulleeffachuu qofa utuu hin ta'in ogeessota leenjiin sun kennamuuf eenyuu akka ta'anis adda baafachuun tarkaanfii jalqabaati.

Seerotni bu'uuraa fi seerotni deemsa falmii amma hojiirra jiran guutummaatti ykn akka barbaadamutti hojiirra akka hin oolle gufuun taasisan maal akka ta'an qorachuu akkasumas qaawwaa fi hanqina isaan qaban sakata'uun furmaata barbaachisa fiduuf ogeessota seerota kan hojiirra oolchan irraa oddeeffanoo funaannachuun barbaachisaadha.

2. Hima Rakkoo

Qaamoleen Haqaa Naannoo Oromiyaa haqa qulqullina qabuu fi saffisaa ta'e uummataan ga'uu akka danda'anitti rakkoo fi haqina isaan qaban yeroo gara yerootti qoratanii adda baasuun karoora Instiitiyuutii kanaati. Haaluma kanaan ogeessotni qaamolee haqaa naannicha seerota amma hojii irra jiran akkka hin raawwachiifneef gufuu kan itti ta'anii fi ta'uu kan danda'an qulqulleeffachuun rakkoo kana maqsuu kan danda'an mala dhawuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaaf jecha fedhii abbootii seeraa fi abbootii alangaa qoratanii dhimmoota leenjiin irratti kennamuu qaban fo'anii adda baasuun akka barbaachisummaa isaaniitti tarreessanii kaa'uun carraaqqii dandeettii qaamolee haqaa guddisuuf raawwatamu keessaa isa tokko ta'ee lakkaa'ama.

3. Kaayyoo Qo'annichaa

Qo'annoon kun kaayyowwan lama of keessatti qabateera. Isaanis kayyoo waliigaalaa fi kaayyoo addaa dha.

a) Kaayyoo Waliigalaa

Kayyoon walliigalaa qorrannoo kanaa dandeettii seeraa, naamusa ol'aanaa, ogummaa fi beekumsa hojiin abbaa seeraa fi hojiin abbaa alangaa barbaadu qoratanii abbootii seeraa fi abbootii alangaa Naannoo Oromiyaa gonfachiisuudha. Kara gabaabaa, tajaajia abbaa seerummaa fi abbaa alangaa naannichaa guutuu fi quubsaa taasisuudha.

b) Kayyoo Addaa

1. Abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa Naannoo Keeyyaa haqa qulqullaa'aa fi saffisaa ta'e uummataan akka hin geenyeef hudhaa kan isaanitti ta'an secca'anii adda baasuu

2. Bu'aa qorannoo kanaa irratti hunda'uun leenjiiwwan beekumsa, ogummaa fi ilaalcha ogeessota seeraa naanichaa daraan guddisuu danda'an akka qopheeffaman taasisuu

3. Bu'aa qo'annoo irratti hund'uudhaan ogeessoota seeratiif leenjii fedhii isaanii fi fedhii uummataa quubsuu danda'u keenuudhaan nannoo keenyaa keessatti ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'uuf haala mijeessuu

4. Haala qabatamaa sirna haqaa naannoo keenyaa keessaa jiru hubaachuudhaan jijjirama isaan barbaachisu beekuu fi irratti hojjechuu.

4. Faayidaa Qo'annanichaa

Qorannoon kun ogeessotni qaamolee haqaa naanno Oromiyaa gosoota seeraa fi dhimmoota kam irratti leenjii akka barbaadan kan sakata'uudha. Kanaafuu qorannoon kun feehii ogeessota qaamolee haqaa keessumaa kan abbootii seeraa fi abbootii alangaa giddu galeessa kan godhate leenjiin hojiirraa rakkoo qabatamaa sirna haqaa keenya keessa jiru hiikuu danda'u akka qophaa'u taasisa. Ogeessotni qaamolee haqaa leenjii bu'aa qorannoo kanaa irratti hunda'ee qophaa'u fudhachuun, dandeettii seeraa isaani akka gabbatu waan taasifamuuf guddina sirna haqaa naannoo keenyaaf qorannoon kun gummaacha guddaa qaba jedhamee yaadama. Qorrannoon kun dandeettii qaamolee haqaa naannichaa guddisuu keessatti gahee tokko waan tabatuuf haqa uummatni keenya barbaadu mirkaneessu keessatti shoora ni qabaata.

5. Mala Qo'annoo

Mala qorannoo lamaati fayyadamuun qorannoon kun kan geggeeffamu ta'a. Isaanis, qoranowwan kanaan dura geggeeffaman ilaaluu, gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii fi marii garee dha. Qorannoo kana fiixaan baasuuf mala qorannoo tarreeffaman kana akka faayidaa isaan kennanitti ogeessota seeraa garaagaraa irraa odeeffannoo funaanuuf hojiirra kan oolan ta'u. Odeeffannoo amansiisaa fi bal'aa funaanuun akka danda'amutti mala qorannoo kanneen hunda bifa wal-utubuu danda'aniin akka qindeeffaman ta'eera.

Qorannoon kun akka Oromiyaatti kan geggeeffamu yoo ta'u sababa hanqina yeroo, maallaqaa fi human namaatiif odeeffannoo Oromiyaa guutummaa irraa funaanuun waan hin danda'amneef mala iddattoo fayyadamuun dirqama ta'eera. Kanaaf iddattowwan kan ta'an godinaaleen sadi fo'amanii qorannoon fedhii lenjii irratii ademsifameera. Godinaaleen filataman Harargee Lixaa , shawaa Lixaa, Shawwaa Kaabaa, turaan .Godinaalee filataman kanneeniif aanolee isaan jala jiran sadi sadii irraa odeeffannoon akka funaanamu karoorfatamee kuniis rawatameera. Akkasumas akka naannoo Oromiyaatti Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi Biroo Haqaa Oromiyaa irraa odeeffanno funaanuun barbaachisaa ta'ee waan argameef wajjiroole armaan olii irra odefannooon gahaa ta'ee funanameera. Akkasumaas Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dhaaddacha bahaa damee Biiroo Haqaa Oromiyaa bahaa jiran irraa daataa walitti qabuun gaarii ta'uun isaa itti waan amanameef odefannon funanameera.

Akkasumaas abbooti seeera fi abbooti alangaa lenjii hojjiirra fudhachuudahaafa gara Inistiitiyuuti dhufaan fi workiishopii hirmachuuf argamaniif gaaffiin barreefamaa rabsamee odeeffannoon gahaa ta'e argameera. Akkasumas ogeesoota seera sadarkaa adda adda irra jiran marii garee akka rawwataan godhamee wantii firii qabuuf fedhii lenjii ibsuu danda'uu yeroo fi dhadabii tokko malee sasabuun danda'ameera.

Ogeessota qaamolee haqaa odeeffannoon irraa akka funaanamuuf filatamaan kessaa, Aanolee irraa Abbootii seeraa 42 fi Abbootii alangaa 26; Godinaalee irraa abbootii seeraa 19 fi Abbootii alangaa 16 akkasumas akka Naannootti Abbootii seeraa 4 fi Abbootii alangaa 7 irraa daataan funaanameera. Akka waligalaatti, ogeessota seera nannoo keenya keessaa jiran keessaa namoota 114 (dhibba tokko fi kudha afur) irra daataan walitti qabamuu danda'eera.

Gaafii barefamma fi/ykn marii garee ademsisaanii odefanoon gahaa funaanameera. Haaluma kanaan ogeessota qaamolee haqaa aanolee,godinaalee fi nannoo filataman keessa kan hojjetan gaaffii barreeffamaa fi marii garee akka guutaniif fi adeemsisaan ta'eera . Amala qo'aannoo fayydamneen gareen qo'aannoo fedhii lenjii abbootii seera fi abbootii alangaa Nannoo Oromiyaa beekuudhaaf kan gargaaru ta'uu isaa ciminaan amanna.

6. Daangaa Qo’annoo

Qo’annoon kun guutummaa Oromiyaatti mala qorannoo iddattootti fayyadamuun kan geggeeffamu yeroo ta’u fedha leenjii ogeessoota seera naannichaa fi dhimmoota leenjii barbaadan calalee ni ibsa.

Akka hanqina qorannoo kanaatti kan caqasamu daataan ogeessota qaamolee haqaa Oromiyaa keessaa abbootii seeraa fi abbootii alangaa qofa irraa kan funaanamu ta’uu isaati. Itti dabalee hanqinni human namaa fi yeroo akka hir’ina qorannoo kanaatti caqasamuu ni danda’u.

BOQONNAA LAMA

XINXALA FEDHII LEENJII HOJIIRRAA

ABBOOTII SEERAA FI ABBOOTII ALANGAA

Seeroota fi dimmoota kam irratti Abbootiin seera fi Abbootiin Alangaaa lenjii fudhachuu akka barbadaan bekuuf fedhii isanii sakata'uun barbachisaadha. Kanaaf jechaa, daataan Abbootii seera fi Abbootii Alangaa Aanoolee,Godinalee fi Nannoo irraa funaanameera. Fedhii lenjii Abbootiin seeraa fi Abbootiin Alangaa qaban salphaatti hubatamuu akka danda'utti fedhiin isaanii qoba-qobaatti sakataa'ameera.

2.1 Fedhii leenjii Abootii Seeraa Aanolee

2.1.1.Seera Hariiroo Hawaasaa

2.1.1.1.Labsii Bulchiinsaa fi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa Nannoo oromiyaa lack 130/1999: Abbootiin Seeraa Aanolee lakkoofsa tokkoffaa irratti labsii bulchinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa irratti leenjii akka barbaadan ibsu. Bar-gaaffii irrattis sadarka lamaffaa filannoo sadarkaa lamaffaa irratti dhimma 33.3 % leenjiin irratti nuuf haa keenamu jedhanii filataniiru. Hundumtuu, labsichi hanqina hedduu waan qabuuf hojiirra oolchuu irratti rakkisaadha jedhu. Fakkeenyaaf labsichi darbiinsa yeroo irratti tumaalee ifa miti. Sababa kanaaf, namoonni lafa yeroo dheeraaf itti fayydamuu dhaaban deeffachuuf akkasumas dhaalaan argachuuf himaata dhiyeessu; daangaa yeroo himaatni akkasii keessatti dhiyaachuu qabu labsicha keessatti waan hin tumamneef dhimmoota kanneentti furmaata kennuun rakkisaa ta'ee jira jedhu. Itti dabalees, labsichi boodatti deebi'ee raawwatiinsa qabaachuu isaarratti yaadni wal-ta'aan manneen murtii naannichaa

keessa waaan hin jirreef akka qaawwa guddaa tokkotti ilaalama. Ijoon biraan immoo, 'mirga dursaa' dhaaltotni qabaniidha. 'Mirga dursaa' jechuun kan labsichi ka'u ifa waan hin taaneef miseensotni maati mirga lafa warra isaanii irraa qaban guutummaatti hin hubachisuu . Abbootiin seeraa dhimma kana irratti hanqina hubannoo akka qabaan ibsu . Itti fufuunis, dhimmi falmii lafaa dursa jaarsummaan calqabamuu akka qabu labsichi ni ibsa. Abbootiin dhimma jaarsummaan dhimma isaanii kan hin xumurre ykn ilaluu kan hin barbaane yoo ta'e fayidaan murtii araara sana maal akka ta'e garuu hin ibsu. Akkasumas, utuu dhimmichi jaarsummaan hin ilaalamin manni murtii ilaale yoo murtii kenne murtichi akka murtiitti fudhatamuu fi fudhatamuu dhabuusaa wanti inni ibsu waan hin jirreef abbootiin Seera haala adda addaan dhimma kana keessumeessa jiru waan ta'eef leenjiin labsii bulchiinsa fi itti-fayyadama lafa baadiyyaa irratti kennamuun baay'ee barbaachisaadha jedhu abbootiin seera.

Raawwii labsii bulchiinsaa fi itti-fayyadama lafa baadiyaa walxaxaa kan taasisan haqina seerichaa qofa utuu hin ta'in hanqina bulchiinsaas qaba jedhu. Haala lafti baadiyyaa amma ittiin bulaa jiru rakkina guddaa akka qabu eeru Abbootiin Seeraa. Lafa tokko irratti ragaan Abbaa Qabiyyummaa namoota baay'eef kennama, ragaan abbaa qabiyyee kennamus iftooma hin qabu kun immo haqa qulqullina qabuuf fi saffisaa ta'e dhimma lafa baadiyaa irratti akka hin laatne danqaa ta'aa kan jiru waan ta'eef leenjiin irratti kennnamuun barbaachisaadha jedhaniiru.

2.1.1.2. Seera Dhaalaa: Bar-gaaffii irratti seerii dhaalaa filanno sadarka tokkoffaadhan filanno sadarkka tokkoffa ta'uun dhibbantaa 52.9 kan filatameedh. Akka naannoo keenyatti yeroo amma kana kan dhaalamu lafa waan ta'eef seerichi hariiroo gudda labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa wajjin qaba. Mare garee irraa akka hubanneetti sadarkaa lamaffaarratti xiyyeeffannoon itti kennamuu kan qabu ta'uu hubanneerra.Akkasumaas Calaliin qabeenyaa yeroo gaa'iili digamuu fi darbiinsi yeroo seera sivilli kew.996-1001 ijoowwan leenjii seera dhaalaa keessaa argachuu qaban ta'uu hubatameera.

2.1.1.3. Seera Maatii: seerri maatii qaawa baayyee waan qabuuf leenjiin irratti kennamuun barbaachisaa ta'uun eerameera. Sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa irratti abbootiin seeraa 22% ta'an seera maatii irratti leenjiin kennamuu qaba jedhaniiru. Qoodni

qabeenyaa wal-falmitoota gaayila dachaa qabaatan gidduutti akkamittiin akka raawwatu seeri maatii waan tume hin qabu. kun immoo mana murtii keenyatti dhimma baayy'ee hedummatuudha. Edda gaa'illi diigamee booda wal-hiiktotni yeroo ammamii keessatti qooddi qabeenyaaf himata dhiyeessu akka qabanis seerri maatii hin ibsu; garuu dhimmoota mana murtii dhiphisan keessaa isa guddaa tokko. Tumaaleen seera adeemsa falmii seera maatii keessatti tumaman guutuu miti. Hir'inni tumaalee kanaa immoo raawwatiinsa seerichaa gufachiisaa jiru jedhu Abbootiin Seeraa. Keessummaa mirga dubartootaa fi daa'immanii guutummaatii akka hin eegamneef sababa ta'eera jedhu. Ijoon kan biroon immoo jiraachuu gaa'ilaa mirkaneessuudha. Jiraachuu gaa'ilaa mirkaneessuuf seerri ragaa gahaa akka safartuutti ka'a, ragaa gahaan maal akka ta'e garuu hikkoof kan saaxilameedha. Kanaafuu, ijoowwan armaan olitti eeramaniif kan biroo irratti leenjiin abootii seeraa kennamuu akka qabu hubanneerra.

2.1.1.4. Seera Beenyaa: Abbootiin Seraa Aanolee sadarkaa arfaffaatti seera beenyaa irratti leenjiin akka kennamuuf barbaadu. Seera beeyaa keessaa immoo shallaggii beenyaa, ragaa mana yaalaa miidhaa qaamaa ibsu hubachuu, umurii miidhamaa shallaguu fi kkf seera beenyaa keessaa dhimmota leenjiin irratti kennamuu qaban keessaa warreen jalqabaati.

2.1.1.5. Seera Hojjechiisaa fi Hojjetaa: labsii hojjechiisaa fi hojjetaa irratti Abbootiin Seera leenjii fudhachuu ni barbaadu. Miidhaa hojjettoota irra gahu adda baasuu fi madaaluu akkasumas beenya isaaniif kanfalamu shallaguu labsicha keessa adda dureen dhimmota irratti hojjetamuu qaban akka ta'an bar-gaaffii fi marii garee irraa hubatameera.

2.1.1.6. Seera Ragaa: Biyyi keenya keessatti seerii raga walitti- qinda'ee akka hin jiree beekamaadha.bar-gaafi irra hubachuun akka dandamuuti filanno sadarkka sadaffaa irratti filannoo sadarkaa sadaffa ta'ee dhibantaa 47.36 argateera. Seera ragaa seerota biroo keessa faca'anii jiran walitti funaananii dhimmota dhiyaatan irratti murtii kennuuf hubannoo Abbootii Seeraa gabbisuun barbaachisaadha. Akkasumas, haala madaalli ragaa irratti leenjiin Abbootii Seeraaf kennamuun gaarii akka ta'e ni ibsu.

2.1.1.7. Seerota Adda Addaa: xumura irratti, Abbootiin seeraa seera waliigaltee (wabummaa), seera bakka bu'ummaa, seera daldalaa (kasaaraa, sanada maallaqaa

daddarboo (negotiable instruments), baankii fi insuraansii, seera bittaa fi gurgurtaa irratti leenjiin akka kennamuuf ni gaafatu. Seerota kanneen irratti ijoo caqasamani ala ijoo kam irratti leenjiin kennamuufii akka qabu adda baasanii ibsuu yoo baaatanis haala qabatama naannoo keenyaa yaada keessa galchuun keewwattota adda addaa irratti leenjii abbootii seeraaf qophaa'uu akka qabu ni ibsu.

2.1.2.Seera Adeemsa Falmii Siivilii

Bar- gaafi deebi irra hubachuun akka danda'aamutii ijoo falmii baasun mata duree filanno sadarkaa tokkof irratti filanno sadarkaa tokkoffaa irrattii dhibantaa 80 argachuun filatameera. murtii barreessu, kanfaltii abbaa seerumaa (seera iyyummaan galmee saaquu, eenyu kanfaltii abbaaserummaa ordofuu qabu beeku) fi madaallii ragaa irratti leenjiin abbootii seeraaf kennamuun barbaachisaa akka ta'e caqasameera.

Abbootiin seera aanolee hundinuu afaan tokkoo seera adeemsa falmii sivilii keessaa ijoo giddu-galtummaa (kew. 41 fi 42) irratti leenjiin kennamuufii akka qabu cimsanii dubbatu. Sadarkaadhuma kana irratti, walitti hidhama wal-falmitootaa (kew. 43), himata mormii (358) fi qabeenyaa murtiiin irratti keenamee raawwacisuun immo mata duree filanno sadarkaa lamfaa jalatti filanno sadarkka tokkoffaa ta'uun dhibbantaa 20 filatameera .irratti hubanno abbootii seera kan gabbisan leenjiin kennamu akka qabu ni ibsu.

Sadarkaa sadaffaa irratti, dhiyaachuu wal-falmitootaa fi falmii gaggeesuu (kew. 69, 73, 74 fi78) ilaalchisee leenjii abbootii seeraaf kennamuu akka marii garee gaggeeffame irraa hubachuu dandeenyeerra. Itti dabaluunis, himataa fi deebii foyyessuu (kew 91), galmee ol'iyyannoo mana murtii jalaatti gad-deebisu (kew 341 fi 343), dhiyaachuu wal-falmitootaa, qabeenyaa qabsiifamuu danda'an, caalbaasii (mirga murtiin abbaa mirgaa) ilaalchisee leenjiin barbaachisaa ta'un eerameera.

2.1.3.Seera Yakkaa

Seera yakkaa keessaa qooda daraan ol'aanaa kan argate akkaataa adabbii ittiin murteessaniidha. Abbootiin seera marri keewwatootni waa'ee adabbi tuman wal-xaxaa waan ta'aniif leenjiin Abbootii Seeraaf ifa gochuun barbaachisaa akka ta'e cimsani dubbatu.

Abbootiin seeraa aanolee gaaffii barreeffamaa guutan 58% sadarkaa tokkoffa irratti yeroo filatan Keessumaa, gosota adabbi, adabbii cimsuufi salphisuuf rikoordiitti attamitti akka fayyadamuu qaban, adabbii cimsuufi salphisuuf maalirraa ka'uu akka qabaniif kkf irratti leenjiin kennamuu akka barbaachisu caqasameera.

Itti aansuun, Labsiin Bosonaa Motumma Nannoo Oromiyaa dhimma xiyyeeffanno argachuu qabu akka ta'e gaaffi afaanii fi marii garee irraa hubachuun danda'ameera. Labsichi ka'umsa adabbii waggaa shan jechuun tuma, tumaalee adabbii ittiin cimsanii fi salphisan garuu of keessaa hin qabu. Garaagarummaa fi tokkummaa labsichaa fi seera yakkaa ifa waan hin taaneef abbootii seeraaf ifa akka isaaniif ta'u barbaadu. Itti ida'uun, seerotni dhimma bosonaa irratti tumaman seera yakka keessa utuu jiranii labsii bosonaa baasuun maaliif barbaachisaa akka ta'e akkasumas Naannoon (Oromiya) labsii bosonaa baasuuf aangoo qabaachuu irratti leenjii fudhachuu fedhu abbootiin seeraa.

Akkasumaas, seera yakkaa kutaa waliigalaa keessaa kutaalee kan akka murtii daangessuu, ulaagaalee yakka hundeessan(mata duree filannoo sardarka tokkoffa filanno sad.tokkoffa dhibantaa 35.29), qophii fi yaallii yakka, yakka dachaa, yakka irra-deddeebii, hirmaannaa yakkamtootaa (mata duree filanno sad 1 ffaa jalatti filanno sad 2 ffaa dhibantaa 41)fi kutaa yaadaa irratti leenjii abbootiin seeraa akka kennamuuf ni dubbatu.

Kutaa addaa keessas ijowwan seeraa baay'ee irratti leenjiin kennamuun kan barbaachisu ta'uun bekameera. Yakkoota hannaa,amantaa hirisuu dhoksaa, fudha irratti fudha, gudeeddii fi yaalii gudeeddii (gudeeddii fi durbummaa balleesuu) irratti leenjiin barbaachisaa ta'uu daataa funaanaman ni addeessu.

2.1.4.Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

Abbootiin seeraa Aanolee seera adeemsa falmii yakkaa irrattis leenjii fudhachuu ni barbaadu. Adda dureen mirga wabii fi beellama dabalataa (filanno mataduree sad tokkoffa filanno sad tokkoffa dhibantaa 37), himata kaasuu (sababa dhiyaatu fi yeroo keessatti dhiyaatu), fi keewwata himannaa fooyyessuu ((kew. 113) hiikkoo, yoom jijjiiramuu qaba, edda jijiiramee adabbii salphisu) ilaalchisee leenjiin akka kennamuufi qabu ibsu. Itti fufuunis, ragaa madaaluu, qorannaa fi himannaa ijoollota waggaa kudsadeeti gadii (kew

S/D/F/Y 172ff), beelama dhaddach irratii keenuufi ulagaa isaa, galmeen erga chufamee himata dhiyeessu moo isa chufame banuu akka danda'amu irrattis leenjii fudhachuu akka barbaadan hubanneerra.

Haala Xinxalli Gaafiin Barefamma Kurfefameefi Toftaa Gabateen Gaafii Barefamma Dubifamuu

Gaafiin barefamma sadarkaa sadarkaadhan haala qabatammaa hojji abbootii alangaa fi abbootii seera ilaluun kan tarefamee dha.Gaafiin barefammaa kuniis qabxii gurguudo shan irratii qopha'ee irratiis deebiin keenameera.Qabxileen gurguudo shanaan ,seera yakka,seera deemsa yakka,seera hariroo hawaasaa,fi deemsa seera hariroo hawaasaa fi dhimmoota biroo jedhamuun qoodamaniiru.Qabxilee shanaan kana jallatti immo qabxilleen adda adda tarefamaniiru.Abbootiiin Alangaa fi abbootiin seera qabxille kaneen jallatii sadarkaadhaan (1,2,3,)filanno isaani akka ibsaan godhameera.

Qabxiin sadarkaa tokkofadhaan baayinan filatamee mata duree sadarkaa tokkoffa jallatii filanno sadarkaa tokkofa jedhameera.Itti ansuun sadarkaa tokkoffa filanno ta'ee garuu ogeessoota murasnii yoo filaan mata duree sadarkaa tokkoffa filatamee garu filanno sadarkaa lamaffa jedhamma.Akkasumaas mata duree sadarkaa tokkofadhaan bayyina xiqqadhaan yoo matadureen sun filatamee mata duree sadarkaa tokkofadhaan filanno sadarkaa sadaffa.

Gaafiin barefamma kuniis baayyina ogeessoota seera mata duree san filee fi mata dure bira waliin ilaluun dhibantaadhaan ta'eera.

2.1.5.Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Aanaa

Sadarkaa 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayi Na AS A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayi na /SA/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera yakka	Kayyoo adabi yakka fi ulagaalee yakka	7	35.29	Sadarkaa hirmaana yakkomtoota	6	41.0	Adabii murtessuu (cimsuu salphisuu)	4	23.5
2.	SDFY akka	Bellamma daballtaa fi mirga wabbi	11	55	Ajajaa sakatainsaa	6	30	Jecha amantaa fuudhu	3	15
3.	S/Hariroo hawassaa	Seera dhaltumma	9	52.9	Seera qabenyaa	4	23	Seera maati	2	11.7
4.	S/D/S/S	Ijoo falmii basuu	20	80	Murtii rawwachisuu	5	20	Gidu galtumma tokko	--	--
5.	Dimmoota biroo	Raga madaluu	8	42.1	Dhaddacha jchisuu	5	26.3	Namuusaa ogummaa A/S fi murtii Baresuu(a/s 3,3,)	6	31.5

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Aanaa

Sadarkaa 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayi na A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayi na A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayin a A/S*	*%*
1.	Seera Yakka	Adabii murtesuu (cimsuu salphisuu)	11	55	Ittiigaftatamum maa fi haala gochoota dhifamaan bira darbamaan shaan shan	10	38	Haala gochoota difamaan bira darbamaan, kutaa yaada, gosoota adabii, sadarkaa hirmanna yakamtoota, kayyoo adaaba yakka	5	19
2.	SDFY	Haala jechii amantaa fi wakkii fuudhamuu	9	42	Ajajaa sakat'insaa fi qabiinsa	7	33.3	Bellamma daballtattaa fi mirga wabbii	5	23.8
3.	S/Sivilii	Seera dhaltummaa	8	53.3	Seera bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa badiyyaa	5	33.3	Seera maarii	2	13.3
4.	S/D/S/S	Murtii rawwachisuu	9	52	Aangoo m/murtii adda basuu	5	29.4	Ijoo falmii basuu	3	17.6
5.	Dimmoota Biroo	Namusaa ogummaa fi hariroo A/Alangaa waliin qabaan	10	47.6	Raga maddaluu fi dhaddachaa kabachisuu	8	38.0	Murtii barresuu	3	14.2

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Aanaa Sadarkaa 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate	Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa			Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa			Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera Yakka	Sadarkaa himanna yakamtoota	9	50	Adabii murtessu	5	27.7	Haal gochoota fi kutaa yaada	4	22.2
2.	SDFY	Haala jechii amantaa itti fudhamu	9	45	Ajajaa sakatainsaa	7	35	Bellama dabaltta fi mirga waabii	4	20
3.	S/Hariroo hawassaa	Seera maatii	6	31.5	Seera waligaltee	4	21	• Seera qabenya • Seera raga • Labsii bulchiinsa ittiin fayyadama lafa badiyyaa	9	47.36
4.	S/D/S/S	Murtii rawwachisuu fi dhimmoota oliyannoon walqbataan	16	76	Angoo m/murtii basuu	5	23.8	--	--	--
5.	Dimmoota Biroo	Murtii barresuu	6	35	Dhaddacha kabajchisuu	5	30	Namuusa goummaa A/S fi ragaa maddalu	6	35

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Aanaa Sadarkaa 1ffaa , 2ffaa, 3ffaa Jalattii

Filannoo Sad. 1ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 1ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera Yakka	Kayyoo adabi yakka fi wagaalee yakka	6	23.0	Adabii murtessuu (cimsuu salphisuu)	11	42.3	Sadarkaa hirmaana yakkomtoota	9	34.6
2.	SDFY	Bellamma daballtaa fi mirga wabbi	11	37.9	Haala jechii amantaa fi wakkii fudhamuu	9	31	Haala jechii amantaa fi wakkii fuudhamuu	9	31
3.	S/Hariroo hawassaa	Seera dhaltumma	9	39.1	Seera dhaltumma	8	34	Seera maati	6	26
4.	S/D/S/S	Ijoo falmii basuu	20	44	Murtii rawwachisuu	9	20	Murtii rawwaachisuu fi dhimoota oliyannoon walqabataan	16	35
5.	Dimmoota Biroo	Raga madaluu	8	33	Namusaa A/S fi H/A/Alangaa	10	41	Mutii barresuu	6	25

2.2. Abbootii Seeraa Godinaa

2.2.1.Seera Hariiroo Hawasaa

2.2.1.1 Labsii Bulchiinsaa fi Itti-Fayydama Lafa Baadiyaa Nannoo Oromiyaa Lakk 130/99 :

Abbotiin Seeraa godinaalee labsiin bulchiinsaa fi itti fayydama lafa baadiyaa jalqabatti xiyyeeffannoon itti kennamuu qaba jedhu. Sadarkaa tokkoffaa irratti abbootiin seera 53% ta'an leenjiin irratti nuuf haa qopha'u jedhaniiru. Labsicha keessaa ijoowwan boodatti deebi'ee hojiirra ooluu labsichaa, yeroo himannan itti dhiyaachuu qabu, mirga dhaaltotaa, jaarsummaa fi akkaataa bulchiinsa lafa baadiyaa dursa kennuun leenjiin irratti qophaa'uun barbaachisaa ta'uusaa dubbataniiru.

2.2.1.2. Seera Dhaalaa: Abbootiin seera Godinaalee seerri dhaalaa keewwattoota ifa hin taane akka of keessa qabu ni dubbatu. Keewwattoota kana irratti hiikkoon wal-ta'an kennamaa waan hin jirreef murtiin dhimmoota dhaalaa irratti kennaman tilmaamaamoo akka hin taane taasisaniiru. Keessumaa calallii qabeenyaa fi darbiinsi yeroo himannaan itti dhiyaatuu kutaalee hiikkoon adda addaa itti kennamaa jiran waan ta'eef leenjiin abbootii seeraaf irratti haa kennamu jedhu.

2.2.1.3. Seera Maatii: sadaffaatti seerri maatii seera leenjii barbaaduudha akka akka abbootii seeraa Godinaaleettis. Isa keessaa immoo qoodinsi qabeenyaa wal-fuutota gaayila dachaa qaban irratti, yeroo himatni qoodinsa qabeeny itti dhiyaatu, seera adeemsa falmii isaarratti fi ragaa dhiyaachuu qabuu fi madaallii ragaa ilaalchisee leenjii fudhachuun barbaachisaa ta'uusaa daataan abbootii seeraa godinaalee irraa funaanaman ni addeessu.

2.2.1.4. Seera Beenyaa: seerri beenyaa sadarkaa kana irratti dhimma xiyyeeffanoo argateedha akka marii gareen. Bar-gaaffii irrattis mata duree lammaffaa jallatti fialanno sad tokkoffaa %20 jalqabatti abbootiin seeera filatniiru. Seericha

keessaas kutaalee miidhaa gahee madaaluu, ragaa mana yaalaa hiikuu fi shallaggii beenyaa dhimmoota leenjii irratti dursa kennamuu qabu ta'uun hubatameera.

2.2.1.5. Seera Hojjechiisaa fi Hojjetaa: labsii hojjechiisaa fi hojjetaa irratti leenjiin akka isaan barbaachisu ni ibsu abbootiin seera. Akkaataa beenyaa fi kanfaltiin itti herregamu ifa waan hin taaneef leenjii akka barbaadan ibsameera.

2.2.1.6. Seerota adda addaa: xumura irratti, abbootiin seeraa seera waliigaltee (wabummaa), haala qabiyye dhunfaa nama tokko motummadhaaf dhaalamuu , seera bakka bu'ummaa, labsii dhabbilee interayizii xixiqaa motummma nannoo oromiyaa hundeessuuf bahe, seera daldalaa (kasaaraa, sanada maallaqaa daddarboo (negotiable instruments), baankii fi insuraansii), seera bittaa fi gurgurtaa irratti leenjiin akka kennamuuf ni gaafatu. Seerota kanneen irratti ijoo caqasamani ala ijoo kam irratti leenjiin kennamuufii akka qabu adda baasanii ibsuu yoo baaatanis haala qabatama naannoo keenyaa yaada keessa galchuun keewwattota adda addaa irratti leenjii abbootii seeraaf qophaa'uu akka qabu ni ibsu.

2.2.2. Seera Adeemsa Falmii Siivilii

Abbootiin seeraa godinaalee seera adeemsa falmii sivilii keessaa kutaalee baay'ee irratti leenjii fudhachuuf fedhii akka qaban ibsaniiru. Seera adeemsa falmii sivilii ilaalchisee fedhiin abbootii seeraa godinaalee fi aanolee wal fakkaata.

Ijoo falmii baasuu(mata duree filanno sad tokkoffaa jallatti filanno sad.tokkoffaa 31% tiin filatameera), murtii barreessu, kanfaltii abbaa seerumaarratti murtii kennuu (seera iyyummaan galmee saaquu, eenyu kanfaltii abbaaserummaa ordofuu akka qabu beeku) fi madaallii ragaa irratti leenjiin abbootii seeraf qophaa'uun barbaachisaadha.

Akkasumaas ijoowwan giddu-galtummaa (kew. 41 fi 42) irratti leenjiin ni barbaachisa jedhu. Sadarkaadhuma kana irratti, walitti hidhama wal-falmitootaa (kew. 43), himata mormii (358) qabeenyaa murtiin irratti raawwachuu hin dandeenye fi qabeenyaa murtiin irratti raawwachuuf jedhan qabsiisuu (kew. 418) irratti hubanno abbootii seera kan

gabbisan leenjiin kennamu akka qabu ni ibsu.(filanno sad lamaffaa jalattii filanno sad tokkoffaa 25% argachuudhaan filatameera, dhiyaachuu wal-falmitootaa fi falmii gaggeesuu (kew. 69, 73, 74 fi78), himataa fi deebii foyyessuu (kew 91), murtiii raawwachiisuu, raawwiratti dhiyaachuu wal-falmitoot, caalbaasii (mirga murtiin abbaa mirgaa) ilaalchisee leenjiin barbaachisaa ta'un eerameera.

2.2.3. Seera Yakkaa

Abbootiin seera godinaalee seera yakkaa keessa kutaa waliigala harka caalaa irratti leenjii fuudhachuu fedhu. Ijowwan armaan gaditti caqasaman ilaalchisee immoo dursi kennamuun gaarii ta'uusaa caqasu.

Haalli adabbii ittiin murteessan abbootii seeraa 44% waan filatmeef sadarkaa tokkoffaarra ta'eera. Marii garee irratti abbootiin seera marri keewwatootni waa'ee adabbi tuman wal-xaxaa dha jedhu. Keessumaa, gosota adabbi, adabbii cimsuu fi salphisuuf rikoordiitti attamitti akka fayyadamuu qaban, adabbii cimsuufi salphisuuf maalirraa ka'uu akka qabaniif kkf irratti leenjiin kennamuun gaaridha jedha.

Garaagarumma keewwattoota yakka malaamaltummaa keessumattuu kew. 407, 411 fi 676, kutaa yaada shakkama qarshii sobaa naannessu mirkaneessuu, gamtaan yakka raawwachuu fi *amakroo* ilaachisee leenjiin ni barbaachisa.

Akkasumaas, seera yakkaa kutaa waliigalaa keessaa kutaalee kan akka murtii daangessuu, ulaagaalee yakka hundeessanqophii fi yaallii yakkaa, yakka dachaa, yakka irra-deddeebii, hirmaannaa yakkamtootaa fi kutaa yaadaa(mata duree filanno sad sadaffa jalatti filanno sad tokkoffa 23% argachuun filatameera), irratti leenjii abbootiin seeraa akka kennamuuf ni dubbatu.

Kutaa addaa keessas ijowwan seeraa baay'ee irratti leenjiin kennamuun kan barbaachisu ta'uun bekameera. Yakkoota hannaa,amantaa hirisuu , dhoksaa, fudha irratti fudha, gudeeddii fi yaalii gudeeddii (gudeeddii fi durbummaa balleesuu) irratti leenjiin barbaachisaa ta'uu daataa funaanaman ni addeessu.

Seera yakkaa wajjin wal qabatee, labsiin bosonaa dhimma lenjii argachuu qabu akka ta'e marii garee irraa hubachuun danda'ameera.akka yaada Abbooti seeraatii Labsichi ka'umsa adabbii waggaa shan jechuun tuma, tumaalee adabbii ittiin cimsanii fi salphisan garuu of keessaa hin qabu. Garaagarummaa fi tokkummaa labsichaa fi seera yakkaa ifa waan hin taaneef abbootii seeraaf ifa akka isaaniif ta'u barbaadu. Itti eda'uun,seerotni dhimma bosonaa irratti tumaman seera yakka keessa utuu jiranii labsii bosonaa baasuun maaliif barbaachisaa akka ta'e akkasumas Naannoon (Oromiya) labsii bosonaa baasuuf aangoo qabaachuu irratti leenjii fudhachuu fedhu abbootiin seeraa.

2.2.4. Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

Abbootiin seeraa godinaalee seera adeemsa falmii yakkaa irrattis leenjiin akka isaan barbaachisu ni ibsu. Adda dureen mirga wabii fi beellama dabalataa, himata kaasuu (sababa dhiyaatu fi yeroo keessatti dhiyaatu), fi himannaa fooyyessuu fi haala raawwatiinsa kew. 113 ilaalchisee leenjiin nuuf haa kennamu jedhu. Itti fufuunis, ragaa madaaluu, qorannaa fi himannaa ijoollota waggaa kudhashanii gadii (kew 172ff), galmee cufu fi kan biro irratti leenjiin akka kennamufii qabu marii garee fi bar-gaaffii irra hubachuun danda'ameera.

2.2.5. Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Godina Sadarkaa 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata duree Filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera Yakka	Haala adabiin itti kenamuu fi kutaa yaada (4,4,)	8	72	Gochoota dhifamaan bira darbamaan	2	18	Gosoota adabbii	1	9
2.	SDFY	Bellamma dabllattaa fi mirga waabii	5	62.5	Ajajaa sakata'maa fi qabiinsa	2	25	Dhaddacha jequu	1	12.5
3.	S/H/H	Labsii bulchiinsaa fi ittiin fayyadamma lafa badiyyaa (seera dhaltumma)	8	66.5	Seera daldallaa fi inshuransii	3	25	Seera beenya	1	8
4.	S/D/S/S	Ijoo falmii basuu	5	55.5	Murtii rawwachisuu	3	33	Angoo m/murtii basuu	1	11
5.	Dimmoota Biroo	Dhaddacha Kabajchisuu	3	50	Murtii barrfesuu	2	33	Namuusaa A/Seerummaa	1	16

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Godina Sadarkaa 2ffaa Jalattii

Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffam Aa Irratti dhiyaate Dh*	*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata Duree Filannoo	*Bayin A/S*	*%*	*Mata Duree Filannoo*	*Bayin A/S*	*%*	*Mata Duree Filannoo*	*Bayin A/S*	*%*
1.	Seera yakka	Haala adabiin murta'uu (cimsuu fi salphisuu)	6	88.8	Gochoota adabii	1	11.1	-	-	-
2.	SDFY	Ajajaa sakata'maa fi Qabiinsa	6	62.5	Bellamma dabllattaa fi mirga waabii	2	25	Falmii dhaga'uu	1	12.5
3.	S/H/H	Seera beenya	3	53	Seera waligaltee labsii 130/99	4	26	Seera daldalla labsii farramalamaltumma, labsii hojetaa fi hojisissa (1,1,1)	3	20
4.	S/D/S/S	Murtii rawwachisuu fi falmii basuu (4,4)	8	71	Angoo m/murtii adda basuu fi oliyannoo keesumeesuu (1.)	2	28	-	-	-
5.	Dimmoota biro	Murtii barrfesuu	3	50	Dhaddacha kabajchisuu	2	33	Namuusa A/Seerumma	1	16

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Godina

Sadarkaa 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayin A/S*	*%*
1.	Seera yakka	Kutaa yaada	4	36	Gosoota adabii	3	27	Gochoota dhifamaan bira dabamanii fi haal adabiin itti keenamu (2,2)	4	36
2.	SDFY	-	-	-	-	-	-	-	-	-
3.	S/H/H	Seera ragaa	4	44	Seera hojetaa fi hojjisissa	2	22	Seera dhaltummaa, labsii farra malamaltummaa seera beenya (1,1,1)	3	33
4.	S/D/S/S	Dhaddacha gaggesuu	3	42	Oliyannoo fudhanii keesumessu	2	28	-	-	-
5.	Dimmoota biroo	Namuusaa A/Seerumma	4	66	Murtii barresuu fi dhaddacha kabajchisuu (1,1)	2	33	-	-	-

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Godina

Sadarkaa 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa

La	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 1ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera yakka	Haala adabiin murta'uuf kutaa yaada (4,4)	8	44	Haala adabiin murta'uu	6	33	Kutaa yaada	4	22
2.	SDFY	Bellamma dabllattaa fi mirga waabii	5	45	Ajajaa sakata'maa fi qabiinsa	6	54	-	-	-
3.	S/H/H	Labsii bulchinsa fi ittiin fayyadam lafa badiyya	8	53	Seera beenya	3	20	Seera ragaa	4	26
4.	S/D/S/S	Ijoo falmii basuu	5	31	Murtii rawwachiuu fi ijoo falmii basuu	8	50	Dhaddacha gaggesuu	3	18
5.	Dimmoota biroo	Dhaddacha Kabajchisuu	3	30	Murtii barresuu	3	30	Namuusa A/Seerumma	4	40

2.3. Fedhii Leenjii Abbooti Seera Mana Murtii Waligaala

Abbootiin seera mana murtii waligaala oromiyaa marii garee sadi ta'aani kan gageessaan yemmu ta'uu gaafi barefammaa immo Abbootiin Seera sadi guutaniiru.Xinxaala marii garee fi gaafi barefamma abbootii seera nannootin godhamee yemmu ilaaluu qabxille armaan gadi hubachuun ni danda'aama.

Abbootiin Seera mana murtii waligalaa fedhii lenjii qabaan yemmu ibsan sadarkaa tokkoffadhaan haala adabiin murta'uu irratii lenjjii fudhacuu akka barbadaan addesaniiru.Abbootiin seera kun sababba fedhii lenjii isaani yemmu ibsaan seeri yakka biyya keenya yemmu adabbii kewwatta seera keessatii ibsu dangaan isaa bayyee balla waan ta'eef kun immo abbaan seera adabiin inni keenu kan kaan irra adda ta'uu ni danda'aa.kun immo gochaa yakka tokko irratti adabbi adda adda kan murta'uu waan ta'eef Sirni haqichaa hawaasa biraatti fudhatamumma akka hin arganne godha.Akkasumaas seeri yakkaa biyya keenya manuuwalii mani murtii waliigala federaala ni baasa haa jedhu malee hanga ammatti waan hin baaneef haala heeregga adabbi irratti lenjii fudhachuu akka barbaddan addesaniiru.

Abbootiin Seeraa dhimma seera yakka keessa sadarkaa lamaffa irratii dhimmi lenjii irratti fudhachuu barbadaan dhimma dhaddacha jequu jedhuu irratti.Kuniis ta'uu kan danda'ee dhimmi dhaddacha jequu jedhuu abbootii seera adda addatiin hiikko wal-fallessu kenamma kan jiru waan ta'eef. kun immo nama 'dhaddacha jeqee' jedhamee fi ummatta irratii hubatiin inni gesisuu akka salphatti kan ilalamuu miti.Sababnii inni bira dhimma dhaddacha jequu jedhu irratii lenjii fudhachuu barbadaan dhimma sivilii fi dhimma yakka irraati tokkumma fi addumma isaa bekuun barbachisaa waan ta'eefi jedhaniiru.Haaluma kanaan Abbootiin seera marii garee fi gaafii barefamma deebisan dhimma 'dhaddacha jequu'jedhuu irratii abbootii alangaadhaafis lenjiin otto keenamee jedhaniiru.Akka yaada abbootii seera kaneeniiti hariroo Abbaa Alangaa fi Abbootii Seera yeroo amma duubatti harkissa kan jiru keessaa dhimma 'dhaddacha jequu' jedhuu irratii Abbaa Alangaa fi abbooti seera giduutti yaada walfakkatuu dhabamuu akka ta'ee ibsaniiru.

Sadarkaa sadaffaa irratii abbootiin seera waligalaa dhimma lenjii irratii fudhachuu barbaadna jedhaan haala kewwatooni dirqisissani gudeedu fi dhoksuu hojii irrattii olaan ta'a.Akka yaada abbooti seera kanatti kewwatooni dirqisissani gudeedu fi dhoksuu ifa waan hin taneef akkasumaas ragaa akkamitiin mirkaneesuun akka danda'amuu waan hin beekamneef yeroo bayyee gochoota armaan olitiif murtiin fi adabiin keenamu kan wal-fakkatu miti.Kanumma waliin wal qabattee kewwatni seera yakka fuudha irrrati fuudha jedhuu iyyatta dhunfadhan kan qoratamuu ararran kan cufamuu waan ta'eefa dhimmi kun immo midhaa isaa cimaa ummata keenya irratii fida kan jiru akkasumaas kabaja ga'iila gaafi keessa kan galchuu waan ta'eef dhimma kana irratiis otoo lenjiin nuuf keename jedhaniiru.

Abbootiin seeraa mana murtii waligalaa seera demsa yakka irratii fedhii lenjii isaani yemmu ibsaan sadarkaa tokkoffa irratii kan techisaan dhimma ragaa madaalu kan jedhuu dha.Akka yaada abbooti seera kanatti dhimma yakka irratii murtiin keenamuu bilisumma,qabeenya fi lubuu namoota kan dangeesuu waan ta'eef dangaan kuniis kan dhufu danda'u ragaa dhiyaate madaaluun waan ta'ee ragaa madaaluu irratti lenjii fudhachuu qabna jedhaniiru.Kanuma waliin wal qabsisaani standardiin 'shakkiin ol irratti waan mirkanesseef''kan jedhu maal akka ta'ee ifa waan hin taneef lenjii fudhachuu ni barbaduu.

Sirna seera deemsa yakka keessaa sedarkka lamaffa irratii dhimii lenjii irratti fudhachuu barbaduu haala ragaan odiitii hojjii irra ooluu lenjii fudhachuu barbaduu.Ragaan odiitii isaa murtessaa waan ta'eef yeroo amma garuu abbootiin seera hubanno fi muxxanno haala ragaan odiitii hojji irra oolu waan hin qabaneef lenjii irrattii fudhachuu fedhuu.Akkasumaas haala ragaan odiitii hojjii irra oolu hubannoon gahaa yoo jiraate qabeenya motumma kununsuuf fi malamaaltumma hanbisuuf ni gargaara jedhaniiru.

Sadarkaa sadaffa irratti sirna seera deemsa yakka keessaa Abbootiin seera mana murti waligalaa dhimmi lenjii irratti fudhachuu barbadaan haala ragaan foornesikii murtiif adabiif fayyaduu lenjii fudhachuu ni barbaadu.Akka yaada abbooti seeratti ragaan foornesikii ragaa isaa murtessa (conclusive evidence)waan ta'eef isaa irratii lenjii fudhachuu ni barbanna jedhaniiru.

Seera hariroo hawaasaa keesaa fedhii lenjii isaani abbotiin seera mana murtii waligalaa yeemu addessaan tokkoffadhaan kan techisaan haal hojji irra oolma labsii hojjetta fi hojjisissa ti.Akka yaada abbooti seera kanaati labsiin kun keesumaayu dhimma beenyaa waliin wal qabatte jiru ifa waan hin taneef akkasumaas murtiin fi yaadnii adda adda abbootii seeratiin keenamma kan jiru waan ta'eef lenjiin fudhachuu ni barbaadu.Kanumma waliin walqabatee kewwatooni beenya seera hariroo hawaasaa keessatii argamaan safariin isaani ifa waan hin taneef lenjii dhimma kana irratiis fudhachuu akka barbaadu ibsaaniiru.

Hallumma sadarka tokkoffadhaan abbootiin seera mana murtii waligalaa dhimma hariroo hawaasaa kessa dhimma labsii bulchinsaa fi ittin fayyadamma lafa badiyya irrattii lenjii fudhachuu ni barbaadu.Akka yaada abbotii seera kanaati nannoo keenya keessatii rakkina gudda yeroo amma sirna haqaa nannoo keenya guufachisaa kan jiru himannoo dhimma lafa waliin walqabattee jiru akka ta'ee ibsaaniiru.kuniis ta'uu kan danda'ee polissiin lafa beekamuu dhisuuun isaa,laftii qabiyyee dha moo qabeenya kan jedhu ifa ta'uu dhabuu ,ragaan abba qabiyyee lafa itti mirkana'uu keninsaa irratti fi qabiyyeen ragaa kana rakkina waan qabuufi jedhaniiru.

Sadarkaa lamaffadhaan abbootiin seera mana murtii waligalaa dhimma lenjii irratii fudhachuu barbadaan seera daldallati.Akka yaada abbootii seera kanatii adunyaan yeroo amma gara globaalizaashnii keessaatti seena kan jirtu waan ta'eef dhimmi kun immo nannoo keenya keessaatti yeroo amma calaqisissa kan jiru waan ta'eef lenjii fudhachuu akka barbadaan addessaniiru.Akkasumas guddina biyya fi nannoo keenya dhugoomsuuf mana murtii dhimma daldallaa yeroo gababaa keessatii murtesuu qabachuun murtessa waan ta'ee dhimma kana irrattii otto hojjatamee jedhaniiru.

Sirna deemsa sivilii keessaa abbootiin seera mana murtii waligalaa fedhii lenjii isaani yammu ibsan sadarkka tokkofadhaan kan filaan dhimma dhiyyeenya fi haffinsa iyyatta fi/ykn wamamma (appearance)akka ta'ee ibsaniiru.Yaada walfakkatta abbootii seera nannoo keenya dhimma kana irratti waan hin qabaneef haqa duubatti harkifatte (delyance of justice) umamuu danda'eera.kanumma waliin wal qabatee sirna dhaddacha dhaga'uu(trial) lenjiin keenamu qaba jedhaniiru.

Sirna deemsa sivilii keessaa sadarkaa lamafadhaan kan filatan dhimma murtii rawwachisuu waliin wal qabate jiru irratti.Akka yaada abbooti seeraa fedhii isaani ibsanitti dhimmi rawwi ofii isaatiif sirna mata isaa kan qabu waan ta'eef dhimma kana immo hoganuun dandeetii adda kan barbaadu sila ta'eef irratii lenjii fudhachuu ni feena jedhaniiru.

Dhuma irratiis haala ijoon duubi hunda'uu(framing of issue) fi ka'uumsa falmii(cause of action)irrattii lenjii fudhachuu akka barbadaan ibsaaniiru.

2.4. Fedhii Leenjii Abbootii Alanga Aanolee

2.4.1. Seera Yakka

Akkaataa adabbiin ittiin murta'u Abbootii Alangaa aanolee birattis dhimma dursa ilaalamuu qabu ta'uun eerameera. Keessumaa, haala adabbiin ittiin murta'uu qabu irratti leenjiin akka barbaachisu cimsanii dubbatu. Gosota adabbii, yaada adabbii cimsuu fi salphisu ilaalchisee Abbootiin Alangaa aanolee 82% ta'an sadarkaa tokkoffaa irratti filataniiru. Akkasumas, kuusa yakka fayyadamuu irratti leenjii fudhachu barbaadu.

Akkasumaas, seera yakkaa kutaa waliigalaa keessaa kutaalee kan akka murtii daangessuu, ulaagaalee yakka hundeessan, qophii fi yaallii yakkaa, yakka dachaa, yakka irra-deddeebii, hirmaannaa yakkamtootaa fi gochota dhiifamaan bira darbaman (mata duree filanno sad tokkoffaa jalatti filanno sad sadaffadhan 22% argachuun filatamaniiru) fi kutaa yaadaa (mata duree filanno sad sadaffaa jalattii filannoo sad lamaffaa 22% argachuun filatameera) irratti leenjii abbootiin seeraa akka kennamuuf ni dubbatu.

Kutaa addaa keessas ijowwan seeraa baay'ee irratti leenjiin kennamuun kan barbaachisu ta'uun bekameera. Yakkoota hannaa (665), amantaa hirisuu (675 & 676), dhoksaa (680), dhaddacha jeequu (449), garaagarummaa miidha qaamaa cimaa (555) fi yaalii ajjechaa (27(1) & 539 fi kan itti aanuu), harka darbuu (560) fi miidhaa qaama salphaa (S/Y/556), fudha irratti fudha, gudeeddii fi yaalii gudeeddii (gudeeddii fi durbummaa balleesuu) akkasumaas dhimoota heera darbuu keessaa ijjowaan meeshaa waraanaa seera ala irratti leenjiin barbaachisaa ta'uu daataa funaanaman ni addeessu.

Seera yakkaan wal qabatee, labsiin bosonaa motumma nannoo oromiyaa dhimma lenjii irratii argachuu barbadaan akka ta'e marii garee irraa hubachuun danda'ameesra. Akka yaada Abbootii Alangaa Labsichi ka'umsa adabbii waggaa shan jechuun tuma, tumaalee adabbii ittiin cimsanii fi salphisan garuu of keessaa hin qabu. Garaagarummaa fi tokkummaa labsichaa fi seera yakkaa ifa waan hin taaneef abbootii seeraaf ifa akka isaaniif ta'u barbaadu.

Akkasumas, labsii galii gibraa, farra-shororkeessummaa, farra-malammaltummaa, eegumsa naannoo fi baala sammuu nama adoochu daddabarsuu irrattis leenjiin isaaniif akka barbaachisu ni ibsu.

2.4.2. Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

Abbootiin Alangaa Aanolee seera adeemsa falmii yakkaa irrattis leenjii fudhachuu ni barbaadu. Adda dureen haala gaaffiin ragootaaf dhiyaatu, galmee cufuu fi banuu, ogummaa qorannoo yakka gaggeessuu utuu hin qabatin qorannoo gaggeessa waan jiruuf haala qorannaan itti gaggeeffamu (bala tiraafikaa irratti pilaanii kaasuu fi dubbisuu, ragaa takniikaa adda addaa funaanuu fi qindeessu), mirga wabii fi yeroo beellamaa, ol'iyyannoo qopheessu, himata filanoon dhiyeessuu, himata kaasuu (sababa dhiyaatu fi yeroo keessatti dhiyaatu), fi keewwata himannaa jijjiiruu (kew. 113) hiikkoo, yoom jijjiiramuu qaba, edda adabbii salphisu) ilaalchisee leenjiin akka kennamuufi qabu ibsu. (Dhimmi kuniis mata duree sad tokkoffa jallatti filanno sad tokkoffa 45%argachuun filatameera). Itti fufuunis, ragaa madaaluu, qorannaa fi himannaa ijoollota waggaa kudhasadeeti gadii (kew. 172) irrattis leenjii fudhachuuakka barbaadan hubanneerra.

2.4.3 Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Aanaa

Sadarkaa 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera Yakka	Kayyoo seera yakka	8	36	Sad. Hirmannaa yakamtoota kutaa yaada (4,4)	9	40	Haala adabiin murta'uu, gochoota dhifamaan bira darbamaan sadarkaa hirmanna yakamtoota (3,3,3)	5	22
2.	SDFY	Galmee cufuu fi kaasu	9	45	Haala iyyatnii tii fudhamuu, ragaan funanamuu	7	35	Haala gaffiin duraa, gaffiin qaxxamuraa fi gaaffiin keessa deebi gaffatamuu	4	20
3.	Dimmoota Biroo	Namusaa A/Aalangaa	--	--	Daddacha kabajchisuu	3	60	Haala himatiitu oliyannoon itti qophaa'uu	2	40

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Aanaa

Sadarkaa 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate	Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa			Mata Duree Sad. 2faa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa			Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera yakka	Gosoota adabbii	8	47	Sad. Hirmanna yakamtoota kutaa yaada	7	41	Ittii gaffatamumma irrattii	2	11
2.	SDFY	Waal iyyatnii itti fuudhamuu ragaan madala murtii	10	35	Haala gaffiin dura, gaffiin qaxxamurra fi gaffiin keessa deebi itti gaffatamuu	6	21	Galmee cufuu fi Himaata kaasuu	12	42
3.	Dimmoota biroo	Haala himatnii fi oliyannoon itti qopha'uu	7	--	Haala yaadnii adda adda m/m dhiyaata	4	--	Dhaddacha kabajchisuu	1	--

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Aanaa

Sadarkaa 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate	Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa			Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa			Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera yakka	Haala adabiin itti murta'uu (cimsuu fi salphiisuu0 fi sad. Hirmanna yakamtoota (8,8)	16	59	Kutaa yaada	6	22	Wa'ee itti gaffatamummaa	5	18
2.	SDFY	Galmee cufuu fi ıata kaasuu	14	63	Haala gaafiin	5	22	Haala iyyatnii itti fuudhamuu, ragaan funanamuu fi fudhatamumaan isa madalamuu	3	13
3.	Dimmoota biroo	Dhaddacha kabajchisuu	5	55	Haala himaatiif oliyanoon itti qophaa'uu	3	33	Haala yaadnii adda addaa m/murtiitii dhiyaatu	1	11.1

Xinxaala Waligalaa Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Aanaa

Sadarkaa 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 1ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/S*	*%*
1.	Seera yakka	Kayyoo seera yakka fi ulagaalee yakka	5	17	Gosoota adabii	8	27	Haala adabiin murta'uu, (cimsuu, salphisuu) sad. Hirmanna yakamtoota (8,8)	16	55
2.	SDFY	Galmee cufuu fi kaasu	9	25	Haala iyyatnii fuudhamuu, ragaan madalamuu	12	34	Galmee cufuu fi himaata kaasu	14	40
3.	Dimmoota biroo	Namusaa A/Aalangumma	5	26	Haala himatnii fi oliyannoon qopha'uu	7	36	Dhaddacha jchisuu	7	36

2.5. Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Godinaalee

2.5.1. Seera Yakka

Abbootiin Alangaa Godinaalee seera yakkaa kutaa waliigalaa irratti leenjiin akka isaanif qopha'u ni barabaadu. Akkuma Abbootii Alangaa aanolee jalqabatti haala adabbiin ittiin murteessani fi gosoota adabbii irratti leenjiin kennamuufi akka qabu ni akeeku. (Mata duree sadarkaa lamaffa jallatii filannoo sad tokkoffa jalatti 63 % argachuun bar-gaafiidhaan filatameera). Yakkootni malaammaltummaa keessumaa ragaa madaaluu wajjin wal qabatee, fuudha irratti fuudha, yakka dacha (seera yakka kew 60 fi itti aanuu), dhaddacha jeequu (seera yakka kew.449) fi ragaa sobaa (Kew. 453) irratti leenjiin nuuf haa kennamu jedhu. Xumura irrati immoo haala qabiinsa hidhamtootaa fi amakiro irrattis hubannoo keenya kan gabbisan leenjii argachuu barbaanna jechuun yaada isaani goolabaniiru.

2.5.2. Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

Abbootiin Alangaa Godinaalee seera adeemsa falmii yakkaa keessaa adda dureen kanneen armaan gadii irratti leenjin nuuf qophaa'u jedhu. Himata kaasuuf sababoot dhiyaachuu qabaniif fi yeroo keessatti dhiyaatu (mata duree sad. tokkoffa jallatii filannoo sad tokkoffa ta'uun 66% argachuun filatameera), iyyata fuudhu qorannoo gaggeessuu (mata duree sad tokkoffaa jalatii filanno sad .lamaffa ta'uun 22% argachuun filatameera), ragaa madaaluu, kewwata himannaa jijjiiruu, mormii sadarkaa duraa dhiyeessuu, mirga himatamaa eegsisuu, yaada adabbii dhiyeessuu, ragoota mormuu, gaaffii ragoota gaafachuu (mata duree sad tokkoffaa jallatii filannoo sad.sadaffaa 11% argachuun filatameera), mirga wabii fi yeroo beellamaa irratti yaada kennuu, ol'iyyannoo qopheessu, himata filannoon dhiyeessuu akkasumas haala hojjii irra oolma S/D/F/Y kew 63 nama Seera yakka kew 543 tiin himatamee ilaalchisee leenjiin akka kennamuufi qabu ka'aniiru.

2.5.3. Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Godina

Sadarkaa 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata Duree Filannoo	*Bayina A/A*	*%*	*Mata Duree Filannoo*	*Bayina A/A*	*%*	*Mata Duree Filannoo*	*Bayina A/A*	*%*
1.	Seera Yakka	Kutaa yaada sadarkaa himanna yakamtoota (3,3)	6	50	Kayyoo seera yakka fi ulaagaa yakka, gochoota dhifamaan bira darbamaan (2,2)	4	33	Itti Gaffatamumm airrattii, fi gosoota adabii	2	16
2.	SDFY	Galmee cufuu fi himaata kaffachuu	6	66	Haal iyyatnii itti fudhamuu	2	22	Haala gaafiin dura, qaxxamurra keessa deebii gaffatamuu	1	11
3.	Dimmoota Biroo	Dhaddacha kabajchisuu, haala himatnii foyy'uu fi oliyannoon qopha'uu 2	4	80	Haala yaada adda adda m/murtiitii dhiyatu	1	20	-	-	-

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Godina

Sadarkaa 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/A*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/A*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/A*	*%*
1.	Seera Yakka	Sad. Yakamtoota fi haala adabiin murta'uu (3,4)	7	63	Sad. Hirmanna yakamtoota	4	36	-	-	-
2.	SDFY	Haala gaffiin dura qaxxamurra fi keessa deebi ka'uu fi haala iyyatnii fuudhamuu (3,3)	6	85	Galmee cufuu fi himaata kaasu	1	14	-	-	-
3.	Dimmoota Biroo	Haala himaatnii fi Oliyanoon qopha'uu	3	60	Dhaddacha kabajchisuu	2	40	-	-	-

Xinxaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Godina

Sadarkaa 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa – 3ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 2ffaa*			*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 3ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/A*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/A*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/A*	*%*
1.	Seera yakka	Gochoota dhifamaan bira darbamaan	4	57	Sad. Hirmanna yakamtoota	2	28	Kutaa yaada	1	14
2.	SDFY	Galmee cufuu fi himaata kaasuu	4	66	Haala gaafii dura, qaxxamurra, keessa deebii fi haala iyya fuudhamuu, ragaan madda lamuu(1,1)	2	33	-	-	-
3.	Dimmoota biroo	Dhaddacha kabajchisuu, haala himatnii foyy'uu fi oliyannoon qopha'uu (2,2,2)	6	75	Haala yaadnii adda m/murtii dhiyaatu (1,1)	2	25	-	-	-

Xinxaala Waligaala Gaafii Bareefamma Fedhii Leenjii Abbootii Godina

Sadarkaa 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa

Lak.	*Mata Duree Gaafiin Bareffamaa Irrattii Dhiyaate*	*Mata Duree Sad. 1ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 2ffaa Jalattii Filannoo Sad. 1ffaa*			*Mata Duree Sad. 3ffaa Jalattii Filannoo Sadr. 1ffaa*		
		Mata duree filannoo	*Bayina A/A*	*%*	*Mata duree Filannoo*	*Bayina A/A*	*%*	*Mata duree filannoo*	*Bayina A/A*	*%*
1.	Seera yakka	Kutaa yaada fi sadrkaa himanna yakamtoota (3,3)	6	35	Sad. Yakamtoota fi haala adabiin murta'uu (3,4)	7	41	Gochoota dhifamaan darbamaan	4	23
2.	SDFY	Galmee cufuu fi himaata kaffachuu	6	37.5	Haala gaafiin dura, qaxxamurra, keessa deebi dhiyatu fi haala iyyatnii fuudhamuu (3,3)	6	37.5	Galmee cufuu fi ata kaasu	4	25
3.	Dimmoota biroo	Dhaddacha kabajchisuu, haala himatnii foyy'uu fi oliyannoon qopha'uu (2,2)	4	57	Haala himatnii fi Oliyaannoon qopha'uu	3	42	Labsii farra shororokesumma labsii farra malamaltummaa, qorannoo fi mirga da'imanii	-	-

2.6. Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Naannoo

Abbootiin alangaa naannoo serra yakkaa fi seera adeemsa falmii yakkaa keessaa ijowwan baay'ee irratti leenjiin akka isaaniif akkasumas abbootii alangaa godinaalee fi aanolee akka kennamu ni barbaadu.

2.6.1. Seera Yakkaa:

Abbootiin Alangaa Naannoo adda dureen leenjiin haala adabbiin ittiin murtaa'uu irratti kennamuu qaba jedhanii ibsu. Ulaagaa ykn qajeelfama adabbiin ittiin murta'u amma yoonaatti biyyi keenya keessatti sababa hin baaneef abbootiin seeraa dhimma wal-fakkaataa irratti murtii adabbii garaagarummaa guddaa qabu murteessaa jiru. Kun immoo murtii manneen murtii naannichaa tilmaamamaa akka hin taane taasisa. Adabbii haalli itti murteessan ijoo seeraa yoo ta'es, haala qabatamaa biyya keenyaa irraa kaanee yeroo ilaallu dhimma harka abbootii seeraa keessatti kufe ta'uusaa hubachaa jirra jedhu abbootiin alangaa kun. Kanaaf, abbootii seeraa fi abbootii alangaa hundaaf haala adabbii ittiin murteessan, gosoota adabbii fi ol'iyyannoo irratti adabbii salphisuu fi cimsuu irratti leenjiin kennmuun baay'ee barbaachisaadha jedhu.

Gudeeddiin dhimma xiyyeffanoo argachuu qabu kan biraadha akka abbootii alangaa naannootti. Abbootiin seeraa gudeeddii fi durbummaa balleessuu walitti qabanii ilaalu. Gudeeddii mirkaneessuuf ragaa abbootiin alangaa dhiyeessan manni murtii gahaa miti jedhee deebisa. Dhimmi kun dhimmoota biroo irraa adda bahee ilaalamuu waan qabuuf leenjiin irratti abbootii alangaa fi abbootii seeraaf kennamuun barabaachisaadha jechuun dubbataniiru.

Sadarkaa shanaffaatti, labsii shororkeessummaa irratti leenjiin kennamuu qaba jedhame. Tokkummaa fi garaagarummaan labsii shororkeessummaa fi seera yakkaa ifa miti; akkasumas, akka ulaagaa seerichaatti himannaa dhiyyaassinu mirkaneessuuf waa'e labsichaa gadi-fageenyaan hubachuun barbaachisaa waan ta'eef leenjiin seericha irratti kennamuu qabaa jedhu abbootiin alangaa naannoo.

2.6.2. Seera Adeemsa Falmii yakkaa:

Abbaan alangaa yeroo ammaa kana ogummaa qorannoo gaggeessuu utuu hin qabaatin poolisii wajjiin qorannoo gaggeessaa jira. Dandeettii fi ogummaa gahaa ta'e utuu hin qabaatin hojii qorannoo gaggessuu irratti bobba'uun firii barbaachisaa kan nama funaansisu miti. Kanaaf, abbootiin alangaa hojii qorannoo adeemsisuu isaanitti kenname akka barbaachisummaa isaatti galmaan ga'uuf leenjiin dhimma kana irratti kennamuufii akka qabu abbootiin alangaa kanneen cimsanii dubbatu.

Sadarkaa lammaffaatti dhimmi leenjiin irratti kennamuu qaba jedhame ragaa dha. Ragaa funaanuu, qindeessuu fi madaaluu irratti hanqinni seeraa fi dandeettii cimaa ogeessonni qaamolee haqaa waan qabaniif leenjiin irratti kennamuu akka qabu eeraniiru.

Kanumatti fufuun, qorannoon duraa (preliminary inquiry) adeemsifamuu akka danda'u seerri tume kan jiru yoo ta'es amma itti hojjetamaa hin jiru. Hojjirra ooluu dhabuun qorannoo duraa immoo manca'uu ykn baduu ragaaf gumaacha qaba. Leenjiin haala qorannoon kun ittiin gaggeeffamu irratti ogeessota qaamolee haqaaf yoo kenname hubannoon ogeessonni kun qaban waan guddatuuf hojiirra ooluulmaa isaas mirkaneessuu ni danda'a.

Murtiwwan yeroo amma mana murtiin kennaman iftoomaa fi odeeffannoo gahaa ta'e of keessatti hin ammatan. Keessumaa edda guca irratti murtii barreessuun eegalamee rakkinni gama kanaan jiru itti ammaachaa jira. Murtiin qabiyyee of keessatti hammachuu qabu dhabuun isaa abbootii alangaa fi abbootii seera galmee ol'iyyannoo qoratan irraa odeeffannoo barabaadan mara akka hin arganne taasisa, kun immoo milkaa'ina raawwii ol'iyyannoo warreen gufachiisan keessaa tokko. Kanaafuu, akkaataa murtii barreesan irratti leenjiin abbootii seeraaf yoo kenname gaariidha jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Abbootiin alangaa kun seera yakkaa fi seera adeemsa falmii yakkaa keessaa seerota ala ta'an irrattis leenjiin kennamuu akka qabu dubbataniiru. Seerra maatii irratti leenjiin abbootii alangaadhaa kennamuu gaarii ta'uusa ni ibsu. Gaa'illi seeraan dhorkamaa ta'e akka diigamu edda taasisanii booda, abbootiin alangaa mirga miidhamtoota dhuunfaa kabachiisuuf

adeemaa barbaachisaa ta'e adeemaa hin jiran. Adeemsi kun immoo mirga dubartootaa fi daa'imman baay'ee miidhaa jira waan ta'eef dhimma kana irratti abbootii alangaaf leenjiin kennamuun barbaachisaadha jedhu. Itti fufuun, Seerri adeemsa falmii seera maatii keessatti tumaman guutuu waan hin taaneef raawwatiinsa seerichaa irratti danqaa ta'aa jira waan ta'eef leenjiin irratti kennamun akka barbaachisu dubbatu.

2.7. Dhimmoota Biroo

Mata duree kana jalatti dhimmota seera yakkaa fi seera hariiroo hawwaasaa fi seerota deemsa falmii jalatii hin hagugamne irratti xiyyeeffannoon kan kennamu ta'a. mata duree kana jalatti dhimmi sadarkaa tokkoffaatti leenjiin irratti kennamuu qaba jedhame naamusa ogummaati. Abbootiin alangaa fi abbootiin seeraa sadarkaa adda addaa irra jiran naamusa abbootii seeraa fi abbootii alangaa irratti ciminaan hojjetamuu akka qabu eeraniiru. Itti ida'uun, yeroo leenjiin naamusa ogummaarratti kennamu abbootii seeraa fi abbootii alangaa dhaaf walfaana kennuun gaariidha jechuun yaada isaanii kennaniiru. Akkasumas, abukaattotni mootummaa fi dhuunfaadhaan qaama ogeessota haqaa waan ta'aniif ogummaa naamusa isaanii irrattis hojiin hedduun hojjetamuu qaba waan ta'eef leenjiin naamusarratti kennamuufiin baay'ee barbaachisaadha jedhu.

Ijoon leenjiin irrratti kennamuu qaba jedhame kan birron immoo waa'ee hojimmata dhaaddacha ijibbaataati. Seerri, ijjibbaatni dogoggora bu'uura seeraa qofa ilaala jedhee tumee jira; haata'u malee dhaaddachi ijibaataa keenya firii dubbiis qorataa jira. Ragaan irra deebi'amee haa fuudhamu, galmeen mana murtii jalaa haa dhiyaatu fi kkf jedhe yoo ajajan ni muldhata . Kanaafuu kaayyoo fi hojimaata dhaaddacha ijibaataa hubachuun gaarii waan ta'eef dhimma kana irratis leenjiin Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaadhaa yoo kenname gaariidha jedhu.

Abbootiin seeraa muraasni immo, kaayyoo tajaajila abbaa alangummaa ilaalchisee leenjiin abbootii seeraaf kennamuun gaariidha jedhu. Abbootiin alangaan tokko tokko himannaa hiyeessinaan himatamaa irratti murtiin akka darbuuf dhama'u malee haqaaf hin dhama'ani. Kanaaf, kaayyoo abbaan alangaa hojjetuu irratti akkasumas bilisummaa abbaa alangaa

irratti leenjiin abbootii alangaadha kennamuun barbaachisaa ta'uu abbootiin seera ni akeekkachisu.

Dhaddacha kabajuu irrattiis lenjiin keenamuun garii ta'uu issa marii garee fi bar-gaafii irra hubachuun danda'aameera. jechii 'dhaddacha kabajuu jedhuu maal akka ta'ee akkasumaas dangaan isaa amaam akka ta'ee irratii hubanoon adda adda waan jiruuf dhimma lenjiin irratii barbachisuu keessaa tokko ta'uu qaba.

BOQONNAA SADII

Hiikoo Xinxala Fedhii Leenjii Hojiirraa Abbootii seeraaa fi Abbootii Alangaa Nannoo Oromiyaa

A) Seerotaa fi Dhimmoota Leenjiin Irrtti Kennamuu Qaban

Boqonnaa kana jalatti seerotni fi dhimmootin leenjiin abbootii seeraa fi abbootii alangaadhaa irratti kennaman sadarkaa barbaachisummaa isaanitiin ka'amaniiru. Mata duree filataman kanneen irrattis xiyyeeffanoon kutaa kam irratti kennamuu akka qabu ijoowwan jalatti tarreeffamaniin mul'isuun yaalameera.

3.1. Seera Yakkaa

Seera yakkaa keessaa kutaa waliigalaa irratti xiyyeeffatamee leenjiin qophaa'uu akka qabu abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa sadarkaa hundarra jiran marri ademsifamee irratii ibsaniiru. Isa keessaa immoo ijowwan armaan gaditti tarreeffaman akka wal-duraa duuba isaaniitti dursa kennuuniin leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaaf qopheesuun gaariidha.

- ✓ Haala adabbii ittiin murteessanii fi gosoota adabbii
- ✓ Murtii daangessuu
- ✓ Ulaagalee yakka hundeessan keessattuu kutaa yaadaa
- ✓ Sadarkaa hirmaannaa yakkamtootaa
- ✓ Kaayyoo seera yakkaa
- ✓ Qophii fi yaalii
- ✓ Yakka hannaa fi dhoksaa

3.2. Labsiiwwan Seera Yakkaa Wajjin Hariiroo Qaban

Labsiiwwan seera yakka wajjin hariiroo qaban irrattis leenjiin akka barbaachisu abootiin seeraa fi abbootiin alangaa addesaniiru. Isaanis warreen armaan gadii ti.

- ✓ Labsii Bosonaa Naannoo Oromiyaa
- ✓ Labsii farra-malaamaltummaa
- ✓ Labsii farra-shororkeessummaa

3.3 Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

Seera adeemsa falmii yakkaa irrattis leenjiin abbootii seeraa fi abbootii alangaadhaa kennamuun barbaachisaa ta'uusaa daataa ogeessota qaamolee haqaa kana irraa funaanaman ni ibsu.Ijjowaan filatamaniis

- ✓ Beellama dabalataafi mirga wabii
- ✓ Himata kaasuu fi galmee cufuu
- ✓ Keewwata himannaa fooyyessuu
- ✓ Qorannoo yakka gaggeessuu
- ✓ Ragaa madaaluu
- ✓ Ajaja sakata'iinsaa fi qabiinsaa
- ✓ Jecha amantaa fi waakkii fuudhuu
- ✓ Gaaffii ragootaa gaafatan
- ✓ Ol'iyyata qopheessuu
- ✓ Bu'uura S/D/F/Y kew 113iin kewwatta jijjiruun murteesuu

3.4 Seera Hariiroo Hawaasaa

Abbootiin seeraa sadarkaa mana murtii sadanuu irratti argaman seerota hariiroo hawaasaa addaa addaa irratti leenjiin abbootii seeraaf akka kennamuun barbaachisu ni ka'aniiru. Daataan abbootii seeraa sadarakaa sadanuu irratti argaman irraa funaanaman akka addeessanitti seerotni armaan gaditti tarreeffaman akka fulduraa duuba isaanitti xiyeeffanoo argachuu qabu. Isaanis,

3.4.1. Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa

- Dhaalmaa lafaa
- Boodatti deebi'ee raawwatiinsa argachuu labsichaa
- Darbiinsa yeroo
- Ragaa abbaa qabiyyummaa

3.4.2. Seera Maatii

- Qoodinsa qabbeenya walfuutotaa
  - Darbiinsa yeroo
  - Gaayila dachaa
  - Mirga daa'immanii
- Jiraachuu gaayilaa mirkaneessuu
- seera deemsa falmii seera maatii kessatti tumamanii irratti

3.4.3. Seera Beenyaa

- Shallaggii beenyaa
- Miidhaa gahe madaaluu
- Ragaa mana yaalaa hiikuu
- Miidhaa hamilee fi beenyaa miidhaa hamileef kanfalamu

3.4.4. Seera Hojjechiisaa fi Hojjetaa

- Miidha hojjetaarra gahu adda baasuu fi madaaluu
- Shallaggii beenyaa

3.4.5. Seera Ragaa

- Seera ragaa hojiirra jiran adda baasuu
- Madaalii ragaa

3.4.6. Seera Dhaalaa

- Darbiinsa yeroo
- Qabeenya dhaalaa calaluu

3.4.7. Seera waliigaltee

3.4.8. Seera daldalaa

3.4.9. Seera bittaa fi gurgurtaa

3.4.10. Labsii Ageensii interpraayizii maayikroo xixiqaa Nannoo oromiyaa hundeesuuf bahe irratti

3.4.11. Labsii qabiyyee fayidaa uummataaf gadi lakkisiisuuf bahe (expropriation)

3.4.12. Seera bakka bu'ummaa

3.5. Seera Adeemsa Falmii Sivilii

- Giddu-galtummaa
- Himata mormuu
- Walitti hidhaminsa -falmitootaa
- Dhiyaachuu wal-falmitootaa fi falmii gaggeessuu
- Galmee mana murtii jalatti gadi deebsuu
- Qabeenyaa murtiin irratti hin raawwanne
- Ijoo falmii baasuu
- Murtii raawwachisuu
- Aangoo mana murtii adda baasuu

3.6. Dhimmoota Biroo

- ✓ Naamusa ogummaa
- ✓ Hojimaata dhaaddacha ijibbaataa
- ✓ Dhaaddacha kabajuu
- ✓ Murtii barreessuu

B) Dhimmootaa fi seerota moojuliin irratti qophaa'uu qaban

Fedhiin leenjii abbootii seera fi abbootii alangaa nannoo Oromiyaa akka armaan oliitti ibsameera. Dhimmoota fedhii leenjii ibsan kaneen irratti mojuulliin qophaa'e yemmu jiratuu dhimmoota armaan gadii irratti mojuuliin hin qophofnee ykn kan qophaa'e kessaa fedhii lenjii abbootii alangaa fi abbootii seera kan hinqabanee waan ta'eef otto mojuliin qopha'ee jena. Isaniis akka armaan gadi ibsamaniiru.

A. S/Yakka Keessa

1. Kutaa yaada fi sadarkaa hirmanna yakamtoota (mojulliin jira garuu gahaa miti). Mojulliin qopha'ee afaan amarifaatiin yemmuu ta'uu dhimmoota armaan olii blinaan hin ibsinee fkn

    1. Kutaa yaada keessatti

        1.1. Ulagaa kutaa yaada

        1.2. Kutaa yaada fi gocha

        1.3. Haala kutaan yaada fi murtii ,adabii

        1.4. Dhimmoota qodinsaa kutaa yaada keessa jiran fi kkf

2. Sadarkaa hirmanna yakamtoota -mata dure kan jalattii haala gahaa ta'een mojulliin barefamme hin jiru.

3. Qophii fi yaalii irratti

    - Qabiyee qophii
    - Haala qophiin ilaalamuu
    - Gosoota qophi fi yaali fi
    - Kkf irratti mojuliin qopha'ee tokko illee hin jiru.

4.Yakka hanna fi dhoksaa ,amantaa hirisuu

    - Qabiyee isanii
    - Tokumma fi adummaa
    - Haala mirkanessuu
    - Murtii dabarsuu irratti mojulliin qopha'ee hin jiru.

B. Labsiile Seera Yakka Waliin Hariroo Qaban

1. Labsii bosonaa irrattii mojuliin jira garuu dhimmoota armaan gadi irratti (mojuliin kan hin hamatamnee abootiin seera fi abootiin alangaa leenjii fudhachuuf fedhii qabu.)

    - Wal-fallesuu labsii bosona nannoo fi federalla
    - Haala adabii labsii bosona nannoo murta'uu

2. Labsii farra-malamaltummaa dhimma kana irrattii mojuliin jira. Garu xiyyefattee kan ibsu haala adeemsa yakka malamalatummaan ilaalamuudha. Kanaaf mojuliin (akka fedhii A/A fi A/Seeraatii) dhimmoota armaan gadi dabalatee qopha'e :isaniis

    - Qabiyeee yakka malamaltummaa
    - Yakka malamaltummaa seeraa fi labsii yakkoota adda adda keessatti
    - Yakka malamaltummaa fi yakkoota kan biro
    - Haala adabiin murta'uu

3. Labsii farra -shororakesummaa

    - Addeemsa isaa
        - Mirga wabii
        - Yeroo bellamma
        - Qorannoo
    - Malumma, qabiyyee fi kkf irrattii mojuliin waan hin jireef otto qopha'ee

C. Sirna Deemsa Falmii Yakka

1. Deemsa yakka irrattii mojuloonii

- Qorannoo yakkaa gagessuu
- Raga madaluu
- Ajaja sakta'iinsa fi qabiinsaa
- Jecha amantaa fi wakki fuudhu

Qopha'aan jiru garuu afaan amarifaan kan qopha'aaniif gahee A/A kan ibsanii miti. Kanaaf ottoo akka haaraati A/ Oromoo fi gahee A/A qabatanii qophaan. Kan biraa dhimmoota armaan gadi irratti mojuliin waan hin jireef hoo qopha'ee garii dha.

- Beellama dabalataa fi mirga wabii
- Haala beelamnii dabalataa keenamuu
- Haala beelamni dabalataa dhorkamuuf bu'aa isaa
- Galmee qorannoo xinxaluuf ulagalee barbachisaan fi kkf

2. Ka'uumsa keewwatta jijjiruun murtessuu fi adabuu kan jedhamaan irratti mojuliin qopha'ee waan hin jiraneef fedhii A/Seera fi A/Alangaa gidugallessa qodhachuudhaan mojuliin qopha'ee ottoo leenjiin irratti keenamee garii dha.

3. Mirga wabii

- Mirga wabii
- Sababoota mirga wabii dhorkisisaan
- Haala kew. 67(SDFY) hojjii irra ooluu danda'uu
- Fi kkf.

4. Oliyaata qophesuu irratti mojuliin dhimmoota armaan gadi hamaate ottoo qopha'ee

    - Qabiyyee oliyyannoo
    - Dangaa yeroo oliyannoo
    - Oliyaata (S/D/F/Y/ kew 149, 141, murta'aan irratti) haala dhiyaatu
    - Oliyyaata ilaalanii murtessuuf dhimmoota barbaachisaan
    - Cimsuu, diguu fi kkf rawwachuuf dhimmoota barbaachisaan

5. Himata kaasu fi galmee cufuu, keewwata himannaa fooyyeessuu, (kew. 113 SDFY jijjirun murteesu)

    - Himata kaasuu
        - Sababoota himata kaasuuf gahaa ta'an
        - Gahee A/seera himata kaasu irratti
    - Galmee cufuu
        - Sababa galmee cufuuf gahaa ta'an
        - Galmee cufuu booda dhuma galmichaa
    - Himanna foyyesuu
        - Himannaa foyyesuuf sababoota gahaa ta'an.
        - Gahee A/A himannaa foyyesuu irratti
        - gahee M/M himannaa foyyeessuu irrattii

- Kew. 113 SDFY tiin kew. Himannaa A/A jijjiruun murtessuu
    - Ka'umsaa isaa
    - Hikkoo kewwatichaa A/Aamariffaa fi Ingiliffaa

D. Seerota Hariiroo Hawaasaa

a. Labsii Bulchiinsaa fi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa
    i. Darbiinsa yeroo
    ii. Mirga dhaltotaa-hiikkoo mirga dursaa
    iii. Daangaa yeroo raawwatiinsa labsichaa
    iv. Jaarsummaa fi bu'aa isaa
    v. Ragaa abbaa qabiyyummaa
b. Seera Maatii
    i. Qoodiinsa qabeenya walfuutotaa gaa'ila dachaa gidduutti
    ii. Seera adeemsa falmii seera maatii keessatti tumaman
    iii. Mirga daa'immanii: yeroo hiikkaa gaa'ilaa fi qooddii qabeenyaa
c. Seera Raga
    i. Ragaa madaaluu
d. Seera Waligaltee
    ii. Wabummaa
    iii. Ulaagalee waliigaltee seera qabeessa ta'e hundeessan-foormii (kew. 1723)
    iv. Dirqama
e. Seera Dhaalaa
    i. Darbiinsa yeroo
    ii. Calallii qabeenya dhaalaa
f. Seera Daldalaa
    i. Sanada maallaqaa daddarboo
    ii. Baankii

iii. Kaasaaraa

E. Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

a) Galmee mana murtii jalaatti gadi-deebisuu

b) Dhagaha falmii fi ijoo falmii adda baasuu

c) Raawwii (qabeenyaa murtiin irratti hin raawwanne)

F. Dhimmoota Biro Mojuliin Irrati Qopha'uu Qabu

1. Haala hojimmaata Dhaddacha Ijibaataa

2. Naamusa ogummaa

YAADA GUDUNFAA

Kenniinsa tajaajila Abbaa-Seerummaa fi Abbaa-Alangummaa naannoo keenyaa qulqullina kan qabu fi saffisaa taasisuuf dursa rakkina adeemsaa, hanqina seeraa fi ogummaa jiran sakattaa'ani adda baasuu dha. Hanqinaa jiran sana maqsuuf furmaata fullaa'aa itti barbaaduun immoo hojii itti fufuu dha. Kanaaf, fedhii abbootii seeraa fi abbootii alangaa naannicha bifa giddu-galeessa godhateen seerotaa fi dhimmoota leenjiin ogeessota qaamolee haqaa kanaaf irratti kennamuu qaban qorachuun hudhaa kenniinsa haqaa kan ta'an tarreessanii dhiyeessuun tarkaanfii guddaa tokko. Haaluma kanaan, qorannoon kun fedhiin leenjii Abbootii Seeeraa fi Abbootii Alangaa, seerotaa fi dhimmoota leenjiin irratti kennamuufii qaban qoratee boqonnaa laman dhiyeessee jira.

Fedhii leenjii abbootii alangaa fi abbootii seeraa sadarkaa sadarkaan jiran baruuf daataan haaluma kanaan funaaname xinxalameera. Gabaabatti leenjiin maal irratti kennamuu akka qaban akka barbaachisummaa isaanitti fulduraa duubaan kaa'uun yaalameera. Kun immoo qaama bu'aa qorannoo kana irratti hojii itti fufu hojjetuuf dalagaa daraan ni salphisa yaada jedhuun kan itti adeemameedha.

Seera hariiroo hawaasaa keessaa abbootii seera sadarkaa sadanuu irratti argamaniif leenjiin labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa irratti kennamuu qaba. Qabeenyaa guddaan naannichi qabuu keessaa lafti baadiyaa isa guddaa tokko waan ta'eef akkasumas labsiin kun seera dhaalaa, heera mootummaa fi seera qabeenyaa wajjin hariroo guddaa waan qabuuf xiyyeeffanoon cimaan itti kennamuu qaba. Dhimmi kun mana murtii qofa utuu hin ta'in qaama lafa baadiyaa bulchuu fi bakka bu'ummaan hojjetuuf leenjii barbaachisaa ta'e kennuun baay'ee barbaachisaadha. Seerri maatis xiyyeeffanoo guddaa seera barbaadu ta'uusaa odeeffanoon sassaabame ni addeessa. Fuudha irratti fuuti akka aadaatti fudhatamaa kan ture yeroo ta'u seerri maatii keenya gaayilli dachaa keessa tokko ykn lamaan isaanii yeroo diigamu ykn diigaman qoodins qabeenyaa akkamitti akka raawwatu utuu hin tumni hafuun mirga namoota gaayila akkasi irraa fedha qaban ubaa mana murtiitti immoo mata-bo'uu ta'ee jira. Kanaaf dhimma kana irratti hojiin cimaan hojjetamuu akka qabu ni hubachiifana. Seera beenyaa ilaalchisee, ragaa mana yaalaa irraa dhiyaatu irraaa

miidhaa gahe hubachuun achi irraa ka'uun immoo beenyaa nama miidhameef kanfalamuu tilmaamuun rakkisaa ta'uu aboottiin seeraa ni ibsu. Dhimma kana irrattis leenjiin akka barbaachisu hubanneerra. Kanaaf, ogeessota fayyaan waa'ee ragaa mana yaalaa hiikuu irratti leenjiin abbootii seeraa yoo kenname hanqina hubannoo jiruu maqsuun ni danda'ama yaada jedhu asuma irratti kennuu yaalla.

Seera yakkaa keessaa haala adabbiin ittiin murta'u irratti rakkinni cimaan akka jiru ogeessotni qaamolee haqaa ibaniiru. Kanaaf abbootii alangaa fi abbootii seeraatiif leenjiin dhimma kana irratti kennamuun gaariidha. Leenjii qofa utuu hin ta'in ulaagalee addabbii ittiin murteessanis qaama dhimmi ilaallatuu wajjin ta'uun qopheessun rakkina jiruuf furmaata garii ta'uu ni danda'a jenna. Seera yakkaa keessaa xiyyeeffanno guddaan kutaa waliigalaa irratti kennamuu qaba haata'u malee kutaa addaa keessaas keewwattoota boqonnaa lamaa fi sadii keessatti caqasaman irrattis hojjechuun barbaachisaa dha.

Seerota adeemsa falmii keessa seerri adeemsa falmii sivilii hojii guddaa kan barbaadu ta'uu marii gareen sirritti mul'iseera. Seera kana keessaa sagalee abbootii seeraa harka caalaa kan aragatan giddu-galtummaa, gaggeessa falmii fi raawwii dha. Gosoota seeraa warra kan biroo caalaa xiyyeefannoon abbootii seeraa kana irra waan jiruuf qaamni dhimmi isaa ilaallatu xiyyeeffanaa itti kennuun barbaachisaa ta'uusaa hubachiisuu barbaanna. Seera adeemsa falmii yakka keessaa mirga wabii eguu fi qorannoo gaggeessuun mata dureewwan dursa irrati hojjetamuu qabanta'uu ogeessota qaamolee haqaa laman irraa daataan argame ni ibsa.

Labsii Bosonaa Motumma Nannoo Oromiyaa, farra-malaammaltummaa, farra-shororkeessumaa fi kan biro irrattis leenjiin ogeessota qaamolee haqaa kanaaf kennamuun gaariidha. Labsiwwa harawaa ta'ani fi yeroo gara yerootti bahan hordofanii leenjiin irratti kennamuun barbaachisaa ta'uusaa adda baafachuun irratti hojjechuun barbaachisaa akka ta'e odeeffannoon funaaname ni ibsa.

Abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa seerota qofaa irratti utuu hin ta'in dhimmoota biro kan akka naamusa ogummaa, dhaddacha kabajuu, murtii barreessuu, fi kkf irratti ammas hojjechuun gaarii ta'uu hin hafu jenna.

Ijoowwan Dubbii Marii Garee Abbootii Seeraa Godina irratti geggeessan

1. Dhimmootni bayyinaan m/murtii keessaan keessatti keessummeeffaman yakkaa fi sivilii maal maali ?

   1.1.1. Seeraa yakka keessaa dhimma kamtu wal xaxadha?

   1.1.2. Seera yakka keessaa keewwatni abbootiin seera kara adda addaa hiikan isaan kami?

   - ✓ Seera yakka waligaala
   - ✓ Kewwattaa seera yakka addaa

   1.1.3. Seera yakka iddo hubannoo (leenjiin) akka itti keenamuu barbadaan kaamii?

   1.2. Seera sivilii keessatti

   1.2.1. Dhimma sivillii keessaa kamittuu bayyatta.

   1.2.2.Dhimmoota sivilliis ta'ee yakka irratti kallatidhaan dhimma kaam irratti leenjii argachuu barbaduu?

2. Murtii dabarsuu irratti fi raawwii irratti rakkinii hikka seera isiin qunnamuu kamii
   - ❖ Dhimma sivillii
   - ❖ Dhimma yakka
3. Dandetii fi namusaa A/Seera mana murtii jalaa ilaalchisee leenjiin akkamii yoo qophaa'e feetu?
   - ❖ Dandetti ykn ogumma Abbaa seeratiif lenjiin dhimmoota kaam kaam irattii akka keenamuu barbaduu
   - ❖ Sivillii keessaa
   - ❖ Yakka keessaa
   - ❖ Rakkina naamusa waliin walqabatee leenjiin akkamii fi dhiimma badii namusaa kaam irratti akka keenamuu barbaduu?
4. Dhimmoota yakka ilaalchisee A/Alangaa tiif leenjiin akkamii osoo qopha'e feetu?
   4.1. SDFY keessaa dhimma kaam irratti?
   4.2. S/Yakka keessaa dhimma kaam irratti?

5. Dhimmii haala qabatamma nannoo keenya keessa seera haaraa irratii ba'uu qabu jetaan maalfayii ?
    - Sivillii
    - Yakka
6. kewwattoota walfalleessuu jiru
    - Sivillii
    - Yakka
7. Bakkee seerii callisuu fi ifa hintaane
    - Sivilii
    - Yakka
8. Ergaan Inistiitiyuutichaaf qabdaan yoo jirate .

Ijoowwan Dubbii Marii Garee Abbootiin Alaangaa Godina irratti gaggeessan

1. Gosa yakka keessaa kamtu godina keessanitti bayyata?
2. Gosa yakkaa sana adabuuf keewwatni seera yakkaa keenya keessatti tumamani iftoomaa fi gawumsa ni qabu jettanii yaaddu
3. Gosti yakkaa sun akka baayyatuu sababootni taasisan maalifaadha jettu?
4. Yakka sana xiqqeessuuf maaltu ta'uu qaba jettu?
5. Seera yakkaa keenya keessaa mata duree kaam irratti leenjjiin akka isiniif kennamu barbaaddu? Fakkeenyaaf galmee qorannaa , qorannaa adeemsisuu, jecha ragaa fuudhuu, mirga wabii hayyamuu fi dhorku fi kkf keessaa isa kaam irratti leenjiin utuu kennamee gaariidha jettanii yaaddu?
6. Seera yakkaa ala labsiiwwan kam irraatti leenjii fudhachuu barbaduu?
7. Murtoo dabarsuu fi raawwii ilaalchisee rakkoolee akkamiitu naannoo (godina) keessan keessatti calaqsa? Dhimmoota ol'iyyannoo ilaalchise hoo leenjii akkamii feetu?
8. Dhimmoota yakkaa ilaalchisee abbootiin seeraa bakka kami irratti leenjii fudhachuu qabu jettu?
9. Labsiwwan seera yakka wajjin wal-faallessa jiru jettan yoo jirate maal maali?
10. A/alangaa jalaatiif dhimmoota akkamii irratti leenjiin yoo keenameef gaariidha jettu?
    - Dhimmota ol'yannoo wajjin wal qabatan irrattii
    - Namusaa abbaa alangummaa irrattii

Gaafillee Bareffammaa A/Alangaa Aanatiif

Gaaffiilee Waligallaa

Umrii _____

Saala _____

Bakka hojii Godina _____

Hojiin keessan kan amma erga hojjechuu jalqabdanii hangaam turtaniitu?

Kanaan dura hojii bira hojjetanii beektu?

☐ Eeyee ☐ Lakkii

Maal hojjecha turtaan?

_____

Gaffillee Barreffamaa (A/Seera Aanaa)

A. Gaaffiilee Waligallaa

Umrii _____

Saala _____

Bakka hojii Godina _____ Aanaa _____

1. Hojiin abbaa seerumma erga hojjechuu jalqabdanii hangaam turtaniitu?_____
2. Kanaan dura hojii bira hojjetanii beektu?

   ☐ Eeyee ☐ Lakkii
3. Maal hojjecha turtaan?

Gaaffilee Barreeffamaa A/Seeraa Aanaa Guutan

1. Seeraa yakka (criminal law) keessaa kaam irratti leenjii argachuu barbaduu (sadrkaadhaan akka ta'uu)
   a) Kayyoo adaaba yakka, ulagaalee yakka, qophii fi yaallii yakka (objective of crime, elements of crime, preparatory act, criminal, altempt)
   b) Sadarkka Hirmannaa yakkamtootaa ilaalchisee
      - Yakkama haadho(Principal offender)
      - waligaluun yakka rawwachuu Conspiracy
      - kakassa fi gargaara(Accomplice, instigctor)Fi kkf
   c) Ittigaffatamumaa guutuu ,murassaa fi malessa
   d) Kutaa yaada irratti
      - Yaadanii yakka rawwachuu (intentition)
      - Ofegannoo gochuu dhisuu (negligence)
   e) Gochoota hayyamaman, dhifamaan bira darbanaan, seera qabessaa irrattii;(Execusable,Lawful,Justicable acts)
   f) Haala adabii murtessuu
      - Cimsuu
      - Salphisuu
   g) Adabii adda addaa haala itti murta'uu irratti (mallaqa fi hidhaan ala)
2. Seerota adeemsa falmii (procedural laws)

1.1. Sirna adeemsa falmii yakka (crim. Pro.c) sadarkadhaan akka ta'uu

1.1.1. Dhimmoota dhaddacha dura fi mirga himatamaa

A. Beellama dabalaata fi mirga waabii
B. Qorannoo duraa (Preliminary inquiry)
C. Haala jechii amantaa (kew 35) itti fudhamuu

D. Ajajja sakatainsaa fi qabinsaa

1.1.2. Dhimmoota dhageefachuu (hearing)

A. Haala jecha humaatamaa fi R/A/A fi R/I dhagayamuu fi galma'uu

B. Haala ajajni adda addaa itti keenamu

C. Haala hariroo A/A waliin qabuu fi dhaddacha kabajchisuun

1.1.3. Qabiyyee bareffammaa murtii

1.1.4. Dhimmoota dhaddacha boodaatti ka'aanii fi mirga yakkamaa

- Haala ciraa murteessuu

1.1.5. Dhimma biroo dhimma SDFY irrattii leenjii keenamuu qabu

2. Seera hariroo hawaassaa (civil law) keessa kaam irratti leenjii argachuu barbaaduu 9sadarkaadhaan akka ta'uu)

2.1. Seera qabeenyaa (property law)

2.2. Seera waligaltee (contract law)

2.3. Seeraa maatii

2.4. Seera dhaltummaa

2.5. darbinsaa yeroo

2.6. Seera bulchinsaa lafa fi ittiin fayyadama

2.7. Seera bosonaa (eegumsaa)

2.8. seera ragaa

Dhimma Biroo

2.9. Seera B/bu'insaa

2.10. toftaa jarsummadhaan araramuu (Alterncte dispute resolution)

3. Sirna deemsa hariroo hawassaa (civ. Pro. Law)

3.1. Haala fudhatamnisaa himannaa

3.2. Dhimmoota dhaddacha dura

3.3. Dhimmoota dhaddacha irraa

3.4. Keessaa deebii murtii(review of judgement)

3.5. Raawwii murtii

3.6. Himaata irra deebiin banuu fi dhisuu

4. Dhimmoota biroo irratti leenjii fudhachuu barbadaan

- Heera motummaa fkn. Mirga namooma
- Namusaa ogummaa A/Seera

5. Restorative justice (indigenions justice system

Gaaffillee Bareffammaa A/Seeraa Godinatiif

Gaaffiilee Waligallaa

Umrii _____

Saala _____

Bakka hojii Godina _____

Hojiin keessan kan amma erga hojjechuu jalqabdanii hangaam turtaniitu?

Kanaan dura hojii bira hojjetanii beektu?

☐ Eeyee ☐ Lakkii

Maal hojjecha turtaan

B. Gaaffilee Barreeffamaa A/Seera Godinaa Guutan

a) Seera yakkaa keessaa dhimma kam irratti leenjii argachuu barbaadu?

1) Kutaa yaada (hubannoo fi dagannoo)
2) Gochoota dhiifamaan bira darbaman, seera qabeeyyii ta'an fi sababa quubsaa qaban (Execusable, lawful & justifiable)
3) Haala adabbii itttiin kennamu, (murtessuu, cimsuu fi salphisuu)
4) Gosoota adabbii irratti

1. Seera hariroo hawassaa warreen armaan gadii keessaa kanneen kam irratti leenjii argachuu barbaddu?

a) Seera qabenyaa
b) Seera waligaltee
c) Seera bulchinsaa
d) Seera daldalaa fi inshuraansii
e) Seera dhaltummaa
f) Labsii bulchiinsaa fi itti fayyadamma lafa baadiyyaa

g) Seera maatii

h) Labsii hojjechisaa fi hojjetaa

i) Seera beenya

j) Seera ragaa

k) Seera itti gafatamuuma waligalteen ala (extra contractual liability)

2. Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa armaan gaditti barreeffaman keessaa kanneen kam irratti leenjii barbaaddu

   1) Aangoo mana murtii adda baasuu

   2) Dhaddacha geggeessuu

   3) Murtii rawwachiisuu

   4) Ol'iyyannoo fudhanii keessummeessuu

   5) Ijoo falmii baasuu(hundeessuu)

   6) ----------

   7) ----------

2. Sirna deemsa falmii yakka

   1) qorannaa duraa

   2) ajaja sakata'inaa fi qabinsaa kennuu

   3) beellama dabalaata fi mirga waabii irratti jal-murtii kennuu

   4) ----------

   5) ----------

3. Dhimmoota biroi irratti leenjii fudhachuu barbadaan

   a) Naamusa abbaa seerummaa

   b) barreffamma murtii

c) Seera (labsii)dhabille mit- motumma(associations and philianthrophic institutions)

d) Labsii farraa malamaltummaa Fi adeemsa isaa

C. Gaaffillee A/Seeraa M/M/Waligalatiif Dhiyataan

1. Dhimma hariroo hawassaa keessaa ifa kan hin taneefi yaada waligaala barbaaduu kaamii?
2. Hanqina hikko seera isa cimma dhimma sivillii irratti M/Murtii gadittiin rawwattamuu maal jettuu?
3. Dhimma yakka irratti dhimma ifa hin taneef leenjii irratti kenamuu qabu jettuu maalii?
4. Dhimma seerii irratti ba'uu qabuu jettuu maalii?
5. Akka nannoo keenyaatti guufuu haqaatii kan jettaan maalii?
6. Dhimma kana irratti hubannoon waligaala akka jiratuu leenjiin akka irratti keenamuu jettaan maalii?

7.Yaada daballattaa yoo qabataan?

D. Gaaffillee Barreffamma A/Alangaa Aanaa Guutan

1. Seera yakka keessaa kam irratti leenjii argachuu barbaduu (sadarkadhaan akka ta'uu)

a) Kayyoo adabba yakkaa,

b) ulagaalee yakka qophii fi yaalii yakka rawwachuuf.

c) Sadarkaa hirmanna yakkamtoota

- Yakkamma hadhoo (Principal offender)
- walii galuun yakka rawwachuu (Conspiracy)

- kakassa fi gargaara (Accomplice and instigator)

d) Ittigaafatamumma malessa, guutuu, gar-tokkee(on responsibility)

e) Kutaa yaada irratti

- yaadanii yakka rawwachuu (Intention)
- ofegannoo dhabuun yakka rawwachuu(Negligence)

f) haalawan itti-gaffatamummaa yakka irra walaba baasan

- gochoota seera funduraatii fudhatamaan ta'an (lawfus acts)
- gochoota yakkaa sababa quubsaan raawwataman (justifiayle acts)
- gochoota yakka dhifamaan bira darbamu danda'an (execusable acts)

g) Adabbii kennuu wajjin wal-qabatan

h) Dhimmoota Adabbiin adda addaa haala itti murta'uu irraattii (mallaqa fi hidhaan dha)

2. Seera deemsa falmii yakkaa keessaa kam irratti leenjii argachuu barbaduu?

1. Haala iyyatni itti fuudhamuu, ragaan funaanamu fi fudhatamummaan isaa ittiin madaalamu.
2. Haala himatni itti qopha'uu fi ulagaa guutu qabu?
3. 3.Haala gaafiin dura, gaffiin qaxxamuraa fi gaaffiin keessa deebii itti gaffataman
4. 4.Haala dhaddacha ittiin kabachiisan
5. Haala yaadni adda addaa mana murtiif ittiin kennamu,
   - Yaada murtii
   - Yaada adabii
   - Ciraa irratti yaada kenuu
6. Haala ol'iyyanoon ittiin barreeffamuu fi qabiyyee isaa ?

7. Haala galmee cufuu fi himaata Kaffachu

E. Gaafillee Barreeffamaa A/Alangaa Godinaa Guutan

1. Seera yakka keessaa kam irratti leenjii argachuu barbaduu? Sadarkadhaan akka ta'uu.
   a) Kutaa yaada irratti jechuunis hubannoo fi dagannoo (intention, negligence)
   b) Gochoota dhiifamaan bira darbaman, seera qabeeyyii ta'an, sababa quubsaa qaban (Execusable, lawful & justicable acts)
   c) sirna adabbii murteesuu, cimsuu, fi salphisuu
   d) gosoota adabbii
2. Seera deemsa falmii yakkaa yakka keessa kam irrattii leenjii argachuu barbaddu?

a) Mirga wabii, yeroo bellamma dabalata fi kkf
b) Haala qulqulina galmee ittiin qaban
c) Haala gaafiin duraa, gaaffiin qaxxaamuraa itti gaafatamu
d) Haala yaadotni addaa addaa dhaddachaaf ibsaman
e) Haala qabinsaa fi kunuunsa ciraa fi yaada m/murtiif dhimma kana irratti kennamu
f) Ulaagalee ol-iyaannoon guutuu qabu

F. Gaafillee Barreeffamaa A/Alangaa Naannootiiin Guutamu

1. Seera yakka keessaa A/Alangaa aanaa fi godinaaf dhimma kam irratti leenjiin haa kenamu jettu?
2. SDFY keessaa A/Alangaa aanaa fi godinaaf dhimma kam irratti leenjiin haa kennamu jettu?
3. Akka A/Alangaa nannootti dhimma kam irratti leenjiin akka isiniif keennamu barbaaddu?
4. Erga fi yaada dabalatta yoo qabdan nuuf ibsa?

Galatooma!

Abbootii Seeraa Marii Garee Ademsisaan	**Godina**
1. Darajjee Dadhii	Kaaba Shewaa
2. H/mariyaam Abebbe	„
3. Solomoon Nugusee	„
4. Solomoon Ratta	„
5. Asteer Akililuu	„
6. Shewaragga Isheete	„
7. Abdatta Hordoffa	„
8. Mulattu Gonfaa	„
9. Taddassa Nagaash	„
10. Girmaa Fayye	„
11. Zallaqa Tashomaa	„
12. Ashanafii Raggassa	„
13. Indalkacheew Batrii	„
14. Muluneesh Aradda	„
15. Gemmachuu Adunyaa	„
16. Tolossa Hirkoo	„
17. Abrahaam Abebbe	„
18. Biqilla Abarra	„
19. Abdusalaam Sirajj	„
20. Kadiir Hussien	Hararghee Lixaa
21. Bayyissa Warquu	„
22. Umaar Ida'oo	„
23. Wonduu Abdissa	„
24. Dajjane Abdissa	„
25. Abdalla Mohammed	„
26. Abdiyee Hussien	„
27. Mohammed Nur Ahimeed	„
28. Nuura Bushuura	„
29. Mohammed Yasiin	„

30. Gammachis Dhugumma	Harargee Lixaa
31. Amsaluu Asnaqee	,,
32. Tajjudiin Abdurahimaan	,,
33. Yaleew Baqalla	,,
34. Asaffaa Ragassa	,,
35. Alulla Dinqissa	,,
36. Mohammed Jimaa	Shewaa Lixaa
37. Ephireem Hayilee	,,
38. Mokonnen Ol'jirra	,,
39. Gutemma Abashuu	,,
40. Darajje Mengsituu	,,
41. Mitikuu Abarra	,,
42. Habtamuu Yigazuu	,,
43. Taraffa Hundee	,,
44. Abdissa Dashurra	,,
45. Tarikuu Tamasaa	,,
46. Fayyissa Badhadhaa	Shewaa Lixaa
47. Abebeech Nemerra	,,
48. Ebisaa Badhadhaa	,,
49. Seefu Mokonnin	,,

Abbootii Alangaa Marii Garee Ademsisaan	**Godina**
1. Sharaaw Taddessa	Shewaa Kaaba
2. Tasfaayee Assagiid	„
3. Ejjena Gizawuu	„
4. Solomoon Kabuu	„
5. Yodiit Daballe	„
6. Tammiruu Tolchaa	„
7. Nimoona Taddessa	„
8. Danyee Ababuu	„
9. Damiseew Samu'eel	„
10. Mi'eessoo Wayyiso	„
11. Shimellis Abarra	„
12. Dani'eel Mokoneen	„
13. Bokonna Fixaa	„
14. Melakuu Tafarii	„
15. Jonny Mamuyyee	Hararghee Lixaa
16. Gossa Tiruneehi	„
17. Kamaal Bakkar	„
18. Kadiir Gadaa	„
19. Antuwaan Salvatoor	„
20. Sileshii Kumsaa	„
21. Tasfaayee Tolossa	„
22. Marerra Tujubba	„
23. Damellash Nigatuu	„
24. Belayneesh Siyuum	„
25. Indeeshaaw Nigusee	„
26. Abdalla Mohammed	„
27. Hamzaa Ahimeed	”

28. Damaqaa Tsegaa	,,
29. Gashaaw Ketemma	Hararghee Lixaa
30. Abdulahii Mohammed	,,
31. Birhaanuu Kitatta	,,
32. Tafarii Firisaa	Shewaa Lixaa
33. Geetu Wadajjo	,,
34. Fufaa Lattaa	,,
35. Tame Baqalla	,,
36. Tashomma Girmaa	,,
37. Gezahenyi Beqalla	,,
38. Tsagayee kidaa	,,
39. Gammachis Tammiru	,,
40. Tasfaayee Woyessa	,,
41. Zannebechi Gabissa	,,
42. Hayiluu G/Mariyaam	,,
43. .Mesereet Guutane	,,
44. Addisu Furgassa	,,
45. Alamuu Namarra	,,
46. Laachisaa Ebba	,,
47. Melakuu Kumsaa	,,
48. Lomii Ejjersa	,,
49. Medinaa Abulahii	,,